# XIINXALA FAYYADAMA AFAANII LAGANNAA MAQAA NAMOOTAA AGARSIISAN: GODINA WALLAGGA BAHAA AANAA GUUTOO GIDDAA

**GALAAYEE FARRADAA**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNALIZIIMII FI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA 2011/ 2019**

**FINFINNEE**

# XIINXALA FAYYADAMA AFAANII LAGANNAA MAQAA NAMOOTAA AGARSIISAN: GODINA WALLAGGA BAHAA AANAA GUUTOO GIDDAA

GALAAYEE FARRADAA

GORSAA: Dr. ADDUNYAA BARKEESSAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOKILOORIIF DHIYAATE

YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANII, JOORNALIZIIMIIFI QUNNAMTIITTI

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

HAGAYYA 2011/ 2019

FINFINNEE

**Yuunvarsiitii Addis Ababaa**

**Dhabbaata Digirii Duraatiin Booddee**

Waraqaa Qorannoo ULaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu barsiisuun guuttachuuf Galaayee Farradaa Mata duree: *Fayyadama Afaanii lagannaa Maqaa namootaa agarsiisu: Godina Wallagga Bahaa Aanaa Guutoo Giddaa* keessa jiraatan walitti hidhata qabaachuun qophaa'e sadarkaa Yuunvarsiittiin kaa'e guuteera.

**Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa____________________________ Mallattoo_____________Guyyaa__________

Qoraa Keessa __________________________ Mallattoo_____________Guyyaa__________

Gorsaa________________________________ Mallattoo_____________Guyyaa__________

---

Ittigaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa Sagantaa Digirii  Lammaffaa(MA)

## Axereera

*Qorannoon kun kan gaggeeffame fayyadama afaanii lagannaa maqaa namoota agarsiisu: Oromoo Godina wallagga Bahaa Aanaa Guutoo Giddaa keesssa jiraatanirratti.Kaayyoon qorannoo kanaa inni guddaan fayyadama afaanii lagannaa maqaa namootaa ilaalchisee Oromoota Aanaa Guutoo Giddaa keessatti mul'atu ibsuu, qabiyyee isaa adda baasuufi gahee fayyadamni afaanii kun ijaarsa eenyummaa aadaa keessatti qabu adda baasuun kaa'uudha. Kaayyoo kana galmaan ga'uuf malli qorannoo dhimma itti bahame mala qorannoo qulqullinaa /akkamtaati.Isa kana fiixaan baasuufis mala filmaata iddattoo kaayyeffataa bu'uura godhachuun odeeffannoowwan barbaachisoo ta'an madda raga tokkoffarraa kan argamanidha.Maddi raga tokkoffaa manguddoota fayyadama afaanii lagannaa maqaa namootaa irratti muuxannoo gahaa qabanidha. Ragaaleen kunis karaalee meeshaa funaansa odeeffannoo afgaaffiifi marii gareen guurame. Akka ragaan qorannoo kanaa mul'isutti maqaa namootaa lagachuun haalaafi bakka adda addaatti yeroo mara kan itti gargaaramanidha. Hirmaattootni yookiin namootni maqaalee kana lagatan hammi isaa walhaa caalu malee gareen hawaasaa Oromoo marti kan lagatanidha. Irra caalaatti wa'ee dhimma kanaa kan beekaniifi ofeegganoon kan itti fayyadaman manguddootaafi hawwaan umriin bubulan tahuusaa bira gahameera. Maqaaleen namootaa kun kan lagatamaniif qabiyyeewwan garaagaraa kan akka kabajaa, xiinsammuu namaa eeguufi jaalala nama barsiisuuf. Maqaaleen lagataman kun kan lagatamaniif yaad-sammuu ofii boqochiisuuf waan hamaa irraa ofeeguuf yookiin sodaa uumamaa sammuu isaanii keessa jiruuf kan tasifamuudha. Sababa kanarraan kan ka'es maqaalee lagataman kana fayyadama afaanii kanneen akka bamaqoota, gaalee maqaa, maqaa masoofi ibsitoota garaagaraa bakka buusuun itti gargaaramanidha. Kun irra caalaatti jiraattoota badiyaa biratti ammayyu kan calaqqisudha. Kunis garee hawaasa jiran keessaa manguddootni fi Hawwan itti fayyadama laganna maqaa namootaa harka caalaa yommuu tahan dargaggoonniifi shamarran akkaataan itti fayyadama isaanii kan manguddootaan gadi. Haala itti fayyadama maqaalee lagannaa kana ilaalchisee namootni hundi akkaataa duriin kan hin eeggatiin, sababa qaroomina irraa kan ka'een haalaan itti fayyadamaa kan hin jirre ta'u bira gahameera. Kunimmoo walkabajuu, danda'uufi waliin jireenya hawaasaa irratti dhiibbaa akka fidedha.Waan kana ta'ee aadaa ofii wallaluun immoo eenyummaa ofii wallaluudha waan taeef dhaloonni amma jiru kun aadaa sabasaa kunuunsee dhaloota dhufuuf dabarsuuf akka barnoota tokkootti osoo kana barate murteessaadha.*

## Galata

Duraan dursee Waaqayyo waan hundumaa keessa dabarsee har'aan nagahee.guddaan galateeffadha. Itti aansuun nuffii tokko malee deeggarsa nabarbaachisu hundumaa naaf gochuun na gorsaa kan turan gorsaakoo Dr. Addunyaa Barkeessaaf galanni koo guddaadha.

Itti aansuun haadhakoo bakka abbaafi haadhaa buutee osoo rakkinni kamuu ishee hin jilgeenfachiisiin nabarsiifattee sadarkaa kanaan nageesse yomiyyuu kan sin dagannee umurii dheeraa naaf jiraadhu. Dabalataanis maatiikoofi obbolootankoo galma gahiinsa qorannookoo kanaaf haamilee naaf kennitan hundumaa baay'een isin galateeffadha.

Dhumarratti namoota deeggarsa naaf gootan hundumaa waaqni umurii dheeraa isinii haakennu.

## Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

Axereeraa ........ i

Galata ........ ii

Baafata ........ iii

BOQONNAA TOKKO ........ 1

Seensa ........ 1

1.1. Ariirrata Qorannichaa ........ 1

1.2. Ka’umsa Qorannichaa ........ 3

1.3. Gaaffilee Qorannichaa ........ 4

1.4. Kaayyoowwan Qorannichaa ........ 4

1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 5

1.6. Daangaa Qorannichaa ........ 5

1.7. Hanqina Qorannichaa ........ 6

1.8. Ibsa Naannoo Qorannichaa ........ 6

1.9. Qindoomina Qorannichaa ........ 7

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU ........ 8

2.1. Walitti dhufeenya Afaaniifi Aadaa ........ 8

2.2. Safuufi Safeeffannaa ........ 11

2.3. Laguu ........ 12

2.3.1. Barbaachisummaa Laguu ........ 14

2.3.2. Itti Fayyadama Laguu Irratti Kanneen Dhiibbaa Fidan ........ 16

2.4. Fayyadama Afaanii ........ 16

2.5. Balballoomsa Fayyadama afaanii ........ 17

2.6. Walitti Dhufeenya afaaniifi Eenyummaa ............................................................. 18

2.7. Sakatta'a Barruu Walfakkii ............................................................................. 20

2.8. Yaaxina Tajaajilaa ......................................................................................... 25

BOQONNAA SADII: SAXAXAAFI MALA QORANNICHAA ...................................... 26

3.1. Beedduuba Qorannichaa ................................................................................ 26

3.2. Saxaxa Qorannichaa ....................................................................................... 26

3.3. Malleen Qorannichaa ..................................................................................... 27

3.3.1. Irrawwatama Qorannichaa ........................................................................ 27

3.3.2. Madda Ragaalee ........................................................................................ 27

3.3.3. Iddattoofi Iddatteessuu ............................................................................... 27

3.3.4. Meeshaalee Funaansa Ragaalee ................................................................ 29

3.4 Mala Qaacceessa Ragaalee ................................................................................ 31

BOQONNAA AFUR: DHIYYEESSAAFI XIINXALA RAGAALEE ............................. 32

4.1. Seensa ........................................................................................................... 32

4.2. Fayyadama Afaanii Lagannaa Maqaa Namootaa Keessatti ................................ 32

4.2.1. Maqaalee Lagataman ................................................................................ 32

4.2.1.1. Maqaa Abba Warraafi Firoottansaa .......................................................... 33

4.2.1.2.Maqaa Firoottan Haadha Warraa ............................................................... 33

4.2.1.3.Namoota Qaama Hir'uu Ta'an .................................................................... 33

4.2.1.4.Maqaa Hangafa ........................................................................................ 34

4.2.1.5.Maqaa Hiriyyaa ........................................................................................ 35

4.2.2. Bakka buusa maqaalee namootaa lagatamanii ............................................ 36

4.2.2.1 Bamaqaalee Maqaa Lagataman Bakka Bu'an ............................................. 36

4.2.2.2.Gaalee Maqaa Maqaalee Bakka Bu'an ....................................................... 37

4.2.2.3 Maqaa masoo maqaalee bakka bu'an ......................................................... 39

4.2.2.4. Jechoota Maqaalee Bakka Bu'an .............................................................. 41

4.2.2.5.Maqibsoota maqaalee bakka bu'an ............................................................ 42

4.3. Qabiyyee Fayyadama Afaanii Lagannaa Maqaalee Namoota Keessatti ...................... 43
4.3.1. Kabajaaf Maqaalee Lagataman ................................................................ 43
4.3.2. Jaalalaaf maqaalee lagataman ................................................................ 45
4.3.3. Xiinsammu Eeguuf Maqaalee Lagataman ................................................. 45
4.4. Ga’ee Fayyadama Afaanii Ijaarsa Eenyummaa Aadaa Keessatti Qaban .................... 46
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA ................ 50
5.1. Cuunfaa ............................................................................................... 50
5.2. Argannoo .............................................................................................. 51
5.3. Yaada furmaataa ..................................................................................... 52
Wabii .......................................................................................................... 55
Dabalee A
Dabalee B
Dabalee C

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Ariirrata Qorannichaa

Mallattoo hawaasni tokko ittiin beekamu keessaa tokko aadaa isaati, Aadaan ibsituu eenyummaati. Uummata Oromoos uummata biroorraa kan adda isa taasisu keessaa tokko aadaafi duudhaa mataa of isaa qabachuu isaati. Aadaafi duudhaa Uummanni Oromoo qabu keessaa inni tokko lagannaadha. Lagannaan duudhaa hawaasaa yookaan aadaa keessatti afaan namni maqaa hin dhoofne yookaan lagatudha. Isaanis, nama dhuunfaa, bakka, waantootafi kkf maqaa dhahuu dhiisuudha.

Maqaaleen lagataman kunis yommuu lagataman fayyadama afaanii garaagaraatiin kan bakka buufamanii ittiin waamaniifi maqaa nama lagatamu sanaa ittiin dhahaniidha. Afaan saba tokko immoo aadaa hawaasa afaanicha dubbatu sana guddisuurratti iddoo guddaa qaba. Kanaaf qorannaa kana keessatti kan xiinxalamu akka hawaasa Aanaa Guutoo Giddaatti maqaawwan namoota akkamiifaatu akka lagatamu, eenyu akka lagatu, maaliif akka lagatamu maqaaleen lagataman kun immoo maaliin akka bakka buufaman haalaan xiinxalamuun kandhihaatedha.Mallattoo hawaasni tokko ittiin beekamu keessaa tokko aadaa isaa safeeffachuun kabajuufi kabachiisuuni. Lagannaan maqaa kunis kan agarsiisu namoonni kan maqaalee walii lagataniif kabaja hawaasni kun waliif qabanifi, aadaa boonsaa isaan qabani kan ibsudha.

Aadaan ibsituufi baattuu eenyummaa waan ta'eef. Uummata Oromoo uummata biroorraa kan adda isa taasisu keessaa tokko aadaafi duudhaa mataa isaa qabachuu isaa qofa osoo hintaane akkaataa kaleessaan har'as qabatee kan itti tajaajilamu ta'uu isaati. Aadaafi duudhaa sabni kun qabu keessaa inni tokko akkuma olitti kaasuuf yaalametti aadaa lagannaa maqaa namootaadha. Aadaan lagannaa maqaa namootaa hawaasa Guuutoo Giddaa kun hammam akka hojiirra ooleefi oolaa jiru bakkatti qaaccessinudha. Lagannaan maqaa sababa adda addaan kan namoonni adda addaa maqaa wal hindhoofne yookaan maqaa walii lagatanidha. Kanaaf lagannaan kun maaliif akka ta'e, lagannaa maqaa namootaa afaan isaan bakka buusuun fayyadaman, eenyu eenyuun akka lagataniifi amma aadaan kun maal akka fakkaatu gad fageenyaan xiinxalameera. Uummanni Oromoo safuu eeguun haala itti maqaalee laguutti fayyadamu ni beeka. Dirribiin (2016:65) akka ibsutti safuun akkaataa itti uummanni itti wal kabaju, waldanda'uufi waliin jiraatudha. Waliin jireenya kana keessattis uummanni seera

ittiin jecha laguutti fayyadamu qaba. Seerri kunis seera safuu jedhamuun beekama. Safuun seera waaqaafi lafaati. Kanaafuu, maqaaleen kan lagatamaniif sababa safeeffatamaniif waan ta'eef dhalli namaa garaagarummaa jiru kana beekuun jiruufi jireenya isaa waliin gaggeeffachuun barbaachisaadha.

Karaa biraatiin maqaan namootaa kuni haalaafi yeroo adda addaa irratti hundaa'uun kan lagatamanidha. Maqaleen namootaa kan lagataman haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo qajeelchuu, seera bulmaataa agarsiisuu, kabajaafi jaalala agarsiisuu gama nyaataan, dhugaatiin, uffannaan, bultoon jiru haalaan mul'isuuf gahee inni qabu olaanadha. Fakkeenyaaf, Akka aadaa Oromootti namni tokko miilli isaa kan hin hojjeenne yoo ta'e namicha isa naafa hin jedhu.isa dhidhiibbatu jedha. Sababni isaa safuu waaqa kana uumee kabajuuf, xiinsammuu nama sanaa eeguuf kan itti fayyadamudha.

Lagannaan maqaa kunis yaada waliin haasaan yookiin dubbiin gaggeeffamu keessatti kan dubbataafi dhaggeeffataan walarguun odeeffannoo walirraa fudhatanidha. Akkasumaas, kan isaan hubataman dubbataafi dhaggeeffataan kallattiin yeroo isaan walquunnamuun dubbii dubbatanidha. Kanamalees, haala dubbatameefi muuxannoo seenduubee irratti kan hundaa'edha. Namoonni yeroo jechootatti fayyadaman haala tajaajila afaanii iddoo yookiin haala keessa jiran sanii beekuufi beekuu dhabuun immoo walquunnamtii gahaa taasisuu irratti dhiibbaa geessiisuu danda'a.Hawaasni haala adda addaa keessatti maaliif fayyadama afaanii garaagaraatiin akka dhimma bahan, fayyadamni afaanii kanaa tajaajila akkamii akka kennu,kutaa hawaasa adda addaa biratti ergaa akkamii akka qabu baruuf immoo, gaaffilee bu'uuraa, xiinqooqa hawaasa enyutu,eessatti, maaliif, haala akkamii keessatti akka dubbatamu beekuun barbaachisaadha.

Walumaagalatti hawaasni tokko aadaa mataa isaa qaba. Uummatni Oromoos uummata biroorraa kan adda isa taasisu keessaa aadaafi duudha isaati. Aadaan uummanni oromoo qabu keessaa tokko lagannaa yommuu ta'u, maqaaleen namootaa sababii safeeffatamaniif lagatamuun isaanii immoo beekamaadha. Lagannaan akka waliigalaatti gochawwan garaagaraa lagachuufi waantoota aadda addaa maqaa dhahuu dhiisuu yommuu ta'u, laguun kunis nama dhuunfaatii kaasee hanga gareetti waanta hawaasichi akka safuutti fudhatu hunda of jalatti kan hammatudha. Haata'umalee qorannoon kun isaan keessaa lagannaa maqaa namootaarratti kan bu'uureffatu yommuu ta'u, maqaan namootaa kan lagatamaniif kabajaaf,

jaalalaafi xiinsammuu namaa eeguuf ta’uu qorannoo kana keessatti gara fuula duraatti kan qaacceffamedha. Kunis maqaalee lagataman kana fayyadama afaanii garaagaraatti dhimma ba’uun kan bakka buusanidha. Fayyadamni afaanii kun immoo eenyummaa aadaa hawaasa kanaa kan ijaaru ta’uunsaa qorannoo kana keessatti kaa’ameera. Kanaafuu qorannoon kun boqonnaalee shan kan qabu yommuu ta’u, isaanis duraaduubaan tarreeffamuun galmaga’insa qorannoo kanaaf gumaachaniiru.

### 1.2. Ka’umsa Qorannichaa

Mata duree Fayyadama afaanii lagannaa maqaalee namootaa agarsiisan: Godina Wallagga Bahaa Aanaa Guutoo Giddaa jedhu irratti qorattuun akka qorannoo ishee gaggeessitu kan ishee kakaases laguu hawaasichi waggoota dheeraaf itti fayyadamaa ture ammas kan itti fayyadamaa jiruufi gara fuula duraattis maalta’uu akka qabu ibsuuf. Sababni isaa akkaataan itti fayyadama lagannaa maqaa namootaa kanneen duraarra gadi bu’aa waan dhufeef, Aadaan hawaasaa kun bade jechuun safuun hawaasa gidduutii baduu agarsiisa waan ta’eef qorattuun qorannoo irratti gaggeessuun aadaankun akka itti fufsiisamu gochuuf ishee kan kakaasedha. Qabiyyeen isaanii kan akkamii akka ta’an hubachuufi bu’aa maqaa lagannaa kanaa jireenya hawaasummaaf qabu kanaa qaaccessuufi garaagarummaa maqaa wallagachuufi lagachuu dhiisuun kun qabu yoomessa isaa waliin akka hubannoof ta’utti qindeessuun dhiyyeessuufi.

Dabalataanis, Mata duree kanarratti hanga qorattuun beektutti qorannoon gaggeeffama hamma ammatti hinjiru. Qorannoon ammaan dura dalagaman keessaa muraasni Dassaalanyi Seeqaa (2016) Qabiyyee Jechoota Laguu: Xiyyeeffannoon Oromoo Godina Waallagga Bahaa Aanaa Kiiramuu Keessa Jiraatan Qaaccessuu irrattidha. Qorannoo kanaan immoo Faayyadama Afaanii lagannaa maqaa namootaa agarsiisan kan Aanaa Guutoo Giddaa xiinxaluu ta’a. Karaa biraatiin Hawaasni Oromoo Aanaa kanaa yeroo baay’ee maqaalee namootaa yerooniitti lagatu ni mul’ata. Kun immoo hawaasa gidduutti kan dhimma itti bahamudha malee barreeffamaan qorannoon irratti gaggeeffamee aadaa hawaasa kanaa akka ta’etti bakkeetti ba’ee hinmul’atu.Inni kun immoo sababa ammayyummaafi afaaniin darburraan kan ka’e irraanfatamaa nideema. Aadaan kun yoo irraanfatame immoo walkabajuu, waliif abboomamuufi waldanda’uun hawaasa gidduutii nidhabama. Waan kana ta’eef duudhaa boonsaa kanarratti osoo qorannoon gaggeeffame uummatichi kunuunsuun dhalootaa itti aanuuf kan dabarsuu, dhaloota eenyummaa isaatiin boonu, naamusa gaariifi

fayyaqabeessa uumuufillee, faayidaa qorannoon kun qabu olaanaa ta’ee qorattuu kanatti waan mul’ateef, qorannoo irratti gaggeessuuf ishee kakaaseera.

Karaabiraatiin immoo Maqaan namootaa waan lagatamaniif niqabaatu. Kunis yoo lagatamuu baatan uumaatu namatti gadduu danda’a ta’a yookiin immoo kallattiin yoo maqaa dhahan hawaasaan ala ta’uutu jira, jedhamee kan yaadamu ta’uu danda’a. Kanaafuu, Oromoonni Godina Wallagga Bahaa Aanaa Guutoo Giddaa maqaalee namootaa lagataman isaan kamitti akka gargaaraman, kanneen lagataman kun maaliif akka lagataman yookiin safeeffataman qaacceessuufi. Kanamalees, nama gara fuulduraatti mata duree kanarratti qorannoo gaggeessuuf akka ka’umsaatti ni gargaara. Qorannoon kunis gaaffilee ka’umsa bu’uura qorannoo ta’an armaan gaditti kaasuun deebii kan kennuuf ta’a.

### 1.3. Gaaffilee Qorannichaa

Qorannoon  kun gaaffilee armaan gadii deebisuu yaala.

- Fayyadamni afaanii lagannaa maqaa namootaa ilaalchisee Oromoota Aanaa Guutoo Giddaa keessattii mul’atu kan akkamiiti?
- Qabiyyeen Fayyadama afaanii lagannaa maqaa namootaa keessatti mul’atu isaan kami?
- Ga’ee fayyadamni afaanii ijaarsa eenyummaa aadaa keessatti qabu maali?

### 1.4. Kaayyoowwan Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa   fayyadama afaanii lagannaa maqaalee namootaa: Godina wallagga Bahaa Aanaa Guutoo Giddaa qaaccessuudha. Kaayyoowwan gooreen ammoo akka armaan gadiitti ta’u.

- Fayyadama Afaanii lagannaa maqaa namoota ilaalchisee Oromoota Aanaa Guutoo giddaa keessatti mul’atu ibsuu.
- Qabiyyee Fayyadama afaanii lagannaa maqaa namootaa keessatti mul’atu addaan baasuu
- Ga’ee fayyadamni afaanii ijaarsa eenyummaa aadaa keessatti qabu addaan baasuu.

### 1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa

Barbaachisummaan qorannoo kanaa akka qabxiilee armaan gadiitti kaa'amee jira.

- Haala ittifayyadama Afaanii lagannaa maqaa namootaa uummanni Aanaa Guutoo Giddaa itti gargaaramu kunneen hawaasa naannoo biroof bifa barreeffamaan yoo taa'e akka isaan aadaa hawaasa kanaa beekanii kabajaniif gargaara.
- Lagannaa maqaa namaa hawaasichi itti fayyadamu ija xiinqooqaan ilaalamuun yoo baratame guddina gama kanaan jalqabame hamma tokko gara fuulduraatti tarkaanfachiisuuf ka'umsa ta'a.
- Maqaa namootaa lagatamani qaaccessuun karaalee Biiroo Aadaafi turizimii Aanaa kanaa ol kaa'uun dhaloota dhufuufi namoota dubbisanii aadaa hawaasa kanaa baruu barbaadaniif nitajaajila.
- Qorannoon kun erga xumurameen booda namootni biroon lagannaa maqaa namootaa Godinaalee Oromiyaa biroo keessa jiran faana walbira qabuun tokkummaafi garaagarummaa isaanii ilaaluun aadaa hawaasa kanaa waaltessuurratti akka kaka'umsa godhataniifillee isaan gargaara.
- Qorannoo kun ogeeyyii sirna barnootaa qopheessaniif akka ciicata tokkootti gargaaruu danda'a. Kana jechuun yommuu sirni barnootaa qophaa'u aadaa hawaasa kanaa giddugaleessa godhachuun akka qophaahuuf gargaara.

### 1.6. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun Fayyadama Afaanii maqaalee namootaa lagatamanii: Godina Wallagga Bahaa Aanaa Guutoo Giddaa xiinxalu irratti xiyyeeffata. Qorannoon kun Godinaalee Oromiyaa keessa jiran hundarratti kan gaggeeffame osoo ta'e irra caalaatti filatama ture. Haata'umalee Oromiyaan bal'inaafi baay'ina uummataa waan qabduuf, akkasumas lagannaan waantoota jechaan lagachuufi gochaan lagachuu waan of keessaa qabuuf baay'ee bal'ina kan of keessaa qabu waan ta'eef qorattuun qabiyyee ishee to'atamaa gochuuf mata duree fayyadama afaanii lagannaa maqaa namootaa jedhu qofaarratti daangessiteetti. Akkasumas, hanqina maallaqaafi hanqina yeroorra kan ka'e Aanaa natti dhiyaatu kanarratti yeroo hojii itti hojjedhuun alattifi yeroo hojiin mootummaa hingaggeeffamnetti qorannoo koo gaggeessuuf dangeesseen jira.

## 1.7. Hanqina Qorannichaa

Qorannoo kana gaggeessuf rakkooleen namudatan ni jiru. Yeroo qorannoon kun itti gaggeeffamu yeroo hojiin idlee mootummaa itti hojjedhu waan ta'eef, odeeffannoo funaanuuf yeroo gahaa hin arganne. Haata'umalee, yeroon boqonnaa argadhetti fayyadamuun ragaa sassaabbachuun kan qorannookoo galmaan gahedha. Inni biraan qorannoo kana gaggeessuuf raga barbaachisaa argachuun bu'aa bahii hedduufi yeroo dheeraa fudhata. Gama biraatiin raga bilchaataafi duudhaan Oromoo inni ganamaa kan salphaatti argamu miti. Kunis kan ta'uu danda'eef dhaloonni ammaa sababa ammayyummaarran kan ka'ee, jiraattootni magaalaafi naannoo ishee sababa dhiibbaa adda addaatiin aadaa isaanii dhiisuun aadaa warra birootti madaqanii jiraachaa jiru waan ta'eef raga qorannoo kanaaf barbaachisu argachuun rakkoodha. Rakkoo kana furuuf qorattuun manguddoota umurii dheeraa qabanifi baadiyaa keessa jiraatan keessa deemuun kanan raga sassaabbadhe waan ta'eef bu'aa bahii kan qabudha.

## 1.8. Ibsa Naannoo Qorannichaa

Aanaan Gutoo Giddaa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti Godina Wallagga Bahaa keessatti argamti. Aanaan kun magaala guddoo biyyitti Finfinnee irraa kiloomeetira 339 fagaattee kan argamtudha**.** Aanaan Guutoo Giddaa aanoolee 17 wallaga bahaa keessatti argaman keessa tokkoo kan taateefi gandoota qotee bulaa 22 kan qabdu yommuu taatu , Bahaan Aanaa Wayyuu Tuqaa**,** lixaan Aanaa Sassiga fi Diggaa**,** kaabaan Aanaa Giddaa Aayyaana fi Sibuu siree, kibbaan Aanaa Leeqaa Dullachaatiin daangefamtee ni argamti. Bal'inni lafa ishee Hektaara 109,150 yommuu ta'u, haala ittii fayyadama isaa lafa qonna**%**80.7, lafa dheedumsaa %5.83, lafa bosona %4.06 Lafa ijaarsa adda addaatiif oole %1.34fi Kan biro %8.07 yommuu ta'u, haalli taa'umsa lafa 3.09% tulluu, 59.6% dirree, 4.47% irraan gadee, 7.25% hallayyaa, 15.61% bishaan, caffee fi kan biroon kan qabamee dha.Haalli qilleensa%dhaan; Baddaa 0.26, Badda daree 46.74 fi gammojji 53 yommuu ta'u, Aanaan kun bu'uraalee misoomaa warreen ta'an hundallee kan qabattudha. Baay'inni uummata ishee dhiira 54,806fi dubara 52,849 yommuu ta'u, waliigalli isaanis 107,655(kuma dhibba tokkoof kuma toorbaaf dhibba jahaaf shantamii shan) tti tilmamanitu kessa jiraata. Ummanni Oromoo Aanaa kanaas Oromoo dame maccaati. Uummata aanaa kanaa keessaa 75%kan ta'an Oromoota yommuuta,an 25% kan ta'an immoo uummata Amaaraa akka ta'anitti

tilmaamama. Ummatni Oromoo Aanaa kana keessa jiraatan maqaalee ni lagatu. Kunis irra guddeesa kaninni hojiirra oolu naannoo abbootiifi haadholiitti yommuu ta'u darbee darbee warreen qeerroofi qarree ta'anillee lagannaa maqaa kanatti ni fayyadamu. Maddi ragaa kanaas Aadaafi Turiziimii Aanaa Guutoo Giddaarraa kan Argamedha.

### 1.9. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon gaggeeffame kun bifa garaagaraan kan qindaa'edha. Qorattuun odeeffannoo hawaasarraa karaa adda addaa argatte malleenitti fayyadamuun, akkasumaas yaada beektotaa kitaabolee irraa sasabbachuun walitti qindeessiteetti. Qindoominni kun kan barbaachiseef yaadotni hawaasa keessa jiraniifi yaadni beektotaa waliitti dhufuun dhugaa jiru tokko lafa kaa'uuf kan gargaaru ta'uu ibsa.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

Qorannoo tokko geggeessuuf yaada hayyotaa mata-duree qorannichaa waliin walitti dhufeenya qaban sakatta’uun barbaachisaadha. Sababni isaas dhimma qorannichi irratti geggeefamu sana ilaalchisee beektonni dursanii maal akka jedhan sakatta’uun qorannichaaf kallattii agarsiisuu danda’a waan ta’eefi. Akka Berg (2001:19) ibsetti barreeffamoota armaan duraa kan mata-duree qorannichaan hidhata qaban sakatta’uun faayidaa inni qabu keessaa tokko argannoowwan hojii qorannootiif barbaachisan gabbifachuudha. Haaluma kanaan boqonnaa kana keessatti sakatta’a barruuwwan adeemsafi barbaachisummaan maqaa namootaa lagachuun  waliin walitti dhufeenya qaban, Yaaxinoota qorannichi bu’ureeffateefi qorannoowwan mata-duree kanaan walitti dhufeenya qaban akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

## 2.1. Walitti dhufeenya Afaaniifi Aadaa

Afaan saba tokkoo aadaa hawaasa afaanicha dubbatu sana guddisuurratti bakka guddaa qaba. Kun immoo hariiroo sirriin afaaniifi aadaa gidduu jiraachuusaa nutti hima. Aadaan bakka bu’aa yookaan mallattoo jiruufi jireenya hawaasa naannoo tokkooti. Aadaan karaalee adda addaa darba. Isaanis, gochaan, jechaaniifi karaa meeshaalee aadaatiini. Aadaa, afaaniifi hawaasni hidhata guddaa waliin qabu. Tajaajila afaan aadaa keessatti qabu karaa garaagaraa ilaaluun ni danda’ama. Inni jalqabaa afaan baataa aadaati. Waanti dubbatamuus ta’e barruun darbu tokko aadaa hawaasa tokkoo kallattii garaagaraan tuttuqa.

Waanta addunyaa kanarratti gaggeeffamu keessaa kan afaaniin hingaggeeffamne hinjiru yoo jedhame waan dhugaarra nama fageessu miti. Yaaduma kana kan deeggaru *“Language refers to the world, it indicates and describes it. For good or ill, the language at our disposal also shapes the ways in which we think about both objects and people”* Robson &Stockwell (2005:39).Yaadni kuni akka agarsiisutti afaan addunyaa kan bakka bu’u, addeessuufi ibsudha. Waan gaariifis tahe waan badaa akka raawwatamuuf kan qopheessu, akkataa xinxalli namaafi wantotaa kan karoorsudha. Kanaaf afaan addunyaa irra jiraannu keessaatti qoodaa guddaa akka qabaannuuf kan gargaaruudha. Kunimmoo kan agarsiisu afaan nama dhuunfaafi yookiin garee murtaa’aa tokkoof duwwaa kan kenname osoo hin taane dhala namaa hundaaf kan kennamedha. Afaan kunis garaagarummaa qabaatuyyu jechuun haala

fafaaca’insa uummataa irraan kan ka’e afaan adda addaa dubbachuun haa jiraatuyyuu malee nama hunda biraatti kan beekamudha. Kunis qabeenya hawaasni marri waliin qabudha.

Afaaniifi hawaasni adda bahanii ilaalamuu hindanda’ani. Waa’ee afaanii yommuu kaafnu osoo hinjaallatiin dirqama waa’ee hawaasichaa haasoofna. Kunimmoo afaan jireenya saba tokkoo keessatti iddoo olaanaa akka qabu kannutti agarsiisudha. Hawaasni kan muuxannoo jiruufi jireenya isaa dhalootaaf himu, gaariifi yarummaa, akkaataa bultoo kan ittiin waliif dhaamu keessaa meeshaan guddaan afaani (Donald, 2005:28).

Karaa biraatiin afaan akka caasaa (frame work) aadaatti tajaajila. Kana jechuun aadaa sana daangaa dubbii isaallee ni murteessa jechuudha. Aadaan kan lammiin saba tokko hundumtuu waliin jiraachuuf dirqama hojjechuu qabanidha. Kanaafuu, namni aadaa sabasaa kabajuu dhiisee safuu cabsuu waa ta’uu, adabbiin itti dhufuu danda’a. Kanaafuu aadaan kan namni waliin jiraatu yookiin aadmalee akka hin taaneef kan gorsu, kan dheekkamufi kan karaarra buusudha. Aadaan qajeelfama waan ta’eef namoonni jireenya isaaniitiif kan fayyadu adda baasanii akka hubataniif ta’a. Kana jechuun waan yaraafi waan gaarii, waan qajeelaa ta’eefi qajeelaa hin taane addaan baasanii hubachuun ittiin qajeelfamuuf fayyada. Kanaaf barumsi aadaa hubannoo keessa galee kennamuun waa’ee aadaa hawaasa tokko akka baramu waan taasisuuf, gama kanaan rakkoon akka hin quunnamneef fala ta’a.

Karaabiraatiin immoo hawaasummaan safuu uummataa hojiilee dhalli namaa hojjetufi ittifayyadamu kan of keessatti hammatudha. Kanarraa ka’uun aadaan qabiyyeewwan hawaasa keessatti argaman mara kan of jalatti hammatudha. Isaanis: jireenya hawaasummaa, sirna waaqeffannaa, haala ittiin bulmaataa, sirna lagannaa maqaa, hojiifi kanneen kana fakkaatan ta’uu danda’a. Irra caalaa ifa taasisuuf Bichaka (1996,f.38) aadaa yoo ibsu **“***culture is the complex whole that includes knowledge, belief,arts, morals, laws, customs and any other capablities and habits acquired by an individual as a member of society” jedha***.** Akka yaada kanaatti aadaan waantoota hawaasni marti jiruufi jireenya isaanii gaggeeffachuuf taasisan kanneen akka beekumsaa, amantaa, kalaqa, safuufi kan kana fakkaatan hunda kan qabatudha.

Afaan, Aadaanifi Hawaasni kan addaan ba’anii ilaalamuu hin dandeenyedha. Sababni isaas, aadaan afaaniin ibsama waan ta’eef, afaan baattoo aadaati jechuudha. Afaan ilaalchisee

Schaefer (2006, f.62) yoo ibsu, *“Language is an abstract system of word meaning and symbols for all aspects of culture. It includes speech, written characters, numerals, symbols, non.verbal gestures, and expressions”* jedha. Kana jechuun afaan wantoota aadaafi mallattoodhaan ibsaman maraaf kan hiika kennudha.

Haaluma walfakkaatuun Edward Sapir’ walitti dhufeenya afaaniifi aadaa irratti waan dubbate ni qaba. Kunis Afaaniifi Aadaan haala adda ba’uu hin dandeenyeen kan walqabatan miti. Gama biraan kan inni amanu *“Language and our thought-tlooves are inextricably interwoven, and are in a sense one and the same”* (Sapir 1921: 228,232) Afaan, aadaafi qoqqoodamni garee namootaa walitti dhufeenyi isaanii uumamaan walqabatanii kan dhufan osoo hin taane raawwii tasaa seenaa keessatti uumamaan/dhufanidha. Kun osoo hin ta’u ta’e namoonni qaamaan yookaan aadaan adda adda ta’an afaan tokko yookaan kan baay’ee walitti dhiyyaatu hin fayyadaman ture. Yaadni isaan waliigalan tokko afaan ta’e tokko saba ta’e akka tajaajilu akkkasumas meeshaa ta’ee gareen ga’eessotaa aadaa hawaasaa baranii akka hojjetan gargaara. Walitti dhufeenyi afaanifi aadaa akka guddatutti eegama.

Afaan qindoomina raawwiifi darbinsa aadaa akka baattuu ta’ee tajaajila. Afaan matuma isaatiinuu haala aadaa hawaasichaan qindaa’e. Kana yommuu jedhamu qindoominni isaa hin diigamu, hinjijjiiramu yookiin guutummaan hin badu jechuu miti. Innis dhiibbaa siyaasaan raawwachuu danda’a. Walumaagalatti walitti dhufeenya afaaniifi aadaa yommuu dubbannu, yaadonni lamaan gabaabumatti akka armaan gadiitti ibsamu. Afaan dandeettii uumama dhala namaati. Haata’uuti afaan ta’e tokko immoo aadaa dubbiin hin taane (non verbal culture) hedduu irraa yeroo daa’imummaatti akka horataman beekamaadha. Aadaan ammoo ida’ama barannoo amala dhala namaa dhalootaa dhalootatti darbudha. Afaan of danda’ee dhaabbata haajennuyyuu malee qaama aadaa keessa jira. Yaadni hayyuun kun armaan gaditti kaa’es yaaduma kana cimsa.

> *In a sence,then,a language is just as culture bound as are the traditional habits and value orientations characteristic of the society whose member use it.To dintinguish between a non verbal culture and corresponding language we had better look at the two terminologies language and culture.Non verbal culture is divided into mental culture(world view or value orientations)behivoral culture wiping one’s feet before entering a house or performing aheart transparent)and material culture.Items of material culture are usually the result of the application of behavioral (manual skill)and mental culture* (Salzmann, 2007:57)

jechuun walitti dhufeenya afaaniifi aadaa gidduu jiru cimsee kaa'a. Kana jechuunis, durirraa kaasee afaaniifi aadaan walirraa adda ba'uu akka hin dandeenye kan ibsudha. Sabni kamiyyuu aadaa, afaanifi hambaa mataasaa niqaba. Uummanni Oromoos Akkuma uummattoota biroo kanneen eeraman kana ni qabaata. Oromoon aadaa hundeen tokko ta'e garaagaraa hedduu qaba. Isaanis aadaa nyaataa, aadaa safeeffannaa, waaqeffannaafi kanneen kana fakkaatan isaan muraasa. Inni kun immoo kan inni ba'ee mul'achuu danda'u karaa afaan isaati. Afaan Oromoo qaama aadaa Oromooti. Aadaafi hawaasa Oromootti addaan ba'ee bu'aa buusuu hin danda'u. Kanaafuu Aadaafi Afaan Oromoos mallattoo Oromooti. Beekumsi nama tokko afaan Oromoorratti, cunqaa'aa kan ta'u, yoo beekumsa Aadaafi Hawaasa Oromoo bu'uura godhatedha. Kana ta'uu baannaan, dhimmi quba qabduu jalaa hafteetti. Qabanni isaa afaan Oromoo jiraachuuf Oromoofi aadaan isaa jiraachuun dirqama. Aadaa Oromoo keessa taanee yaaduutu duudhaa hawaasichaa ibsa, Addunyaa (2010:1).

### 2.2. Safuufi Safeeffannaa

Safuu jechuun Aadaa Oromoo keessatti ilaalcha namni uumaafi uumamaaf qabu kan ilaallatudha. Kana jechuun, Ilmi namaa lafa kanarratti uumama biroo waliin waldanda'ee, walkabajee akkaataa waliin jiraachuu danda'anii kan agarsiisu seera uumaa jechuudha. Hawaasa adda addaa keessatti namoonni waantoota garaa garaa safeeffatu. Safeeffannaan kunis aadaa hawaasa sanaa wajjin walqabata. Fakkeenyaaf, akka aadaa Oromootti namni sirna Gadaa keessatti waan tokko nisafeeffata. Sababni safeeffatuuf inni guddaan qulqullaa'ee waanta hamaarraafi yaraarraa of eegee seera waaqayyo kaa'e hordofee jiraachuu qaba jedha kitaabni mata dureen isaa Daaniyaa jedhu kan bara (2006:319) maxxanfame.

Safuun seera waaqaafi lafaati. Seera kana keessatti namni uumaafi uumama ni safeeffata. Sabni safuu hin qabnes hin jiru. Fakkeenyaaf, waraabessi nisafeeffatama. Haalli safeeffannaa bineensa kanaas, halkan yoo yuuse daggalli siif haa cabu, karaa nagaa deemi jedhu malee hin abaarani. Sababni isaas, Waaqayyo halkan bineensota akka waraabessaafi bineensota kanneen biroof uume, guyyaa immoo namaaf uume. Kanaafuu halkan yuusuun bineensa kanaaf eyyamamaa waan ta'eef safuu uumaafi uumamaa diiguun akka waaqayyo namatti hin dheekkamneef bineensi kun safeeffatama.

Kanamalees yeroo bineensi kun namatti dhufu, gori yookiin karaakee deemi daggalli siif haa cabu jechuu dhiisanii yoo lolan yookiin ajjeesan sanyiin bineensa kanaa haaloo kuufachuun namaafi qabeenya namaarratti miidhaa guddaa geessisuu danda'a jedhamee waan amanamuuf bineensi kun safeeffatama Dirribii (2016:66).

Karaabiraatiin, safuun duudhaa hawaasaa eeguudha. Kunis hawaasa keessatti iddoo olaanaa kan qabu yoo ta'u, safuun ilma namaa bineensota irraa kan adda taasisudha. Safuufi Safeeffannaan dhimmootaafi qaamota adda addaa jidduutti kan jiraatudha. Kunis, safuun haadhaafi hintalaa, abbaafi ilma, uumaafi uumama, waaqaafi lafa jidduutti. Walumaagalatti, safuun jireenya namaa kan qajeelchudha.

Fileen (2016:107) safuu yoo ibsu, yaadrimee safuu jedhu kana namoonni yookaan barreessitootni tokko tokko akka waanta badii ta'e qofaatti kanneen hubatan ni jiru. Safuun garuu waanta badii hawaasni jibbus ta'e waanta gaaarii hawaasni jaallatu ta'uu danda'a. Fakkeenyaaf; roobni arfaasaa yoo isatti roobu dhiisee gognis yommuu heddummatu Oromoon tulluutti bahee Safuudha jedhee waaqa kadhata, Waanta badii ta'e kana waaqayyo nurra kaasi jechuudha. Haata'u malee rooba yeroo hedduu bade ture kana Oromoon Akkuma tulluutti bahee Waaqa kadhateen roobni battalumatti rooba. Kanas Oromoon hojii waaqaaf safuudha jedha. Safuu gaarii ta'e kanas nisafeeffata jechuun waa'ee safuu ibsatti kenna. Walumaagalatti safuun jiruufi jireenya hawaasa tokko kan to'atudha.

### 2.3. Laguu

Laguun jecha hawaasni kamiyyuu haala jiruufi jireenya isaa keessatti lagatudha. Hawaasicha keessatti kan akka qaanitti ilaalaman, namni hundi dubbachuudhaafis kan sodaatan, safeeffatanifi qaaneffatanidha. Duudhaa hawaasaa yookiin amantaa keessaatti gochi tokko kan dhorkame yookiin dhowwame kanneen nama dhuunfaan, wantootaafi iddowwan garaagaraa karaa hawaasaafi amantaan daangeffaman, taateewwan duudhaa hawaasa tokkoo keessatti kan dhorkamaniidha. Kunimmoo jechootni safuu hawaasa tokko keessaatti kan safeeffataman wantoota garaagaraa tahuu isaanii kan mul'isuudha. Kunis nama, iddoowwaan adda addaa, bineensootaafi kanneen adda addaa tahuu malu.

Laguun hawaasa tokko keessaa nama dhuunfaa tokkoon qofa kan lagatamu osoo hintaane garee uummata sana faana kan lagatamanidha. Kana jechuun immoo namni dhuunfaan tokko

hawaasichuma keessa taa’ee waan biroo lagachuu danda’a. Garuu irra caalaan waan hawaasichaa hordofuun lagata. Yaaduma kanaan kan walqabate namtichi Mawega (2002:94) akka jedhutti “*Taboo-words and words like them must be observed by all the members of the society. Failure to do so can lead to punishment or public shame. But, where possible, the use of such words can take place only in a restricted set of situations*” jechuun kaa’a.

Laguun hawaasa hundaan kan beekaman yookiin muuxannoo garee hawaasaa maraa kan tahe, jechoota kana cabsanii itti fayyadamuun seera cabsuudha (hawaasicha keessatti qaanidha). Garuu, Afaan kanatti fayyadamuun kan danda’amu iddoo murtaa’aa tahee keessaatti qofadha.  Akka yaada kanaatti wanti akka safuutti ilaalamu marti muuxannoo garee hawaasaa sanaa akka tahan haa ibsuyyuu malee, gareen hawaasaa marti jechoota sana walqixa beeku jechuun rakkisaadha. Namni akkuma muuxannoo jireenyaa dheeraa qabu akkasumaan walcaalaa deemuu nidanda’a. Kun immoo hawaasichumtiyyu muuxannoo walfakkaataa tahe qaba kan jedhutti nama geessuu danda’a.

Kanamalees, Nadia (2012:105) akka ibsutti, *“Taboo is the prohibition or avoidance in any society of behaviours believed to be harmful to its members in that it would cause them anxiety, embarrassment or shame”jedha.* Safuun wanta Saba kami keessaatti amala yaraa kan qaban qaanii, dhiphina, yookiin fudhatama kan hinqabne, kan dhorkame yookiin balleeffamedha. Amala hawaasicha keessaatti fudhatama kan hinqabne mara kan hammatudha. Kana malees, wanti hawaasa tokko keessaatti safeeffatamu hawaasa biroo keessatti fudhatama qabaachuu danda’a. Kanaafuu, hawaasa tokko keessaatti maqaaleen nama qaanessaan ni safeeffatamu.

Akka amantii waqqeffannaatti immoo lagannaan jaatanii qulqullinaa kan waan hamaafi yaraarraa goranii fedhiifi seera waaqaa eeganii kan jiraatan akka tahetti ni amanama. Kitaaba mata duree Daniyaa jedhu bara (2006:45) keessa maxxanfame irratti akka ibsametti, *“*Lagannaan (safeeffannan) sirna waan hamaafi yaraarraa of-ittisanii waan gaariifi qulqulluun mul’achuuti. Mul’annaan kunimmoo akka fedhii namaatti osoo hintaane fedhiifi seera Waaqaa eeganii qulqullaa’anii argamuudha” Jechuun ibsa. Akka yaada kanaatti immoo namni jechoota garaagaraa, wantoota lubbuu qabeeyyiifi dhabeeyyii, waan nyaatamu, dhugamu, dubbatamu, hojjetamuufi Kanneen kana fakkaatan kan rawwatu namaaf jedhee osoo hintaane fedhiifi seera waaqaa galmaan gahuuf jedhee waan taheef sodaa namaaf jedhee

kan dalagu miti. Yaadaafi fedhii uumaasaa galmaan gahuuf akka tahe hubachuun ni danda'ama. Dabalataanis, cubbuufi waan yaraa irraa fagaatanii seera uumaa uumamaa eeganii kabajuun jiraachuu kan dabalatu dha.

Dabalataanis, akkataa itti uumanni waldanda'anii, walkabajanii hanga danda'ametti bakka walii kennanii waliin jiraatan safuu jedhama. Safuun seera waaqaa lafaati. Safuun addaa addummaa jiru beekanii waliin jiraachuudha Dirribii (2016:70). Safuun kunis akka yaada armaan olii kanarraa hubatamuu danda'uutti akkaataa itti uumanni waldanda'anii jiraatan yommuu jedhu nama qofaa osoo hintaane uumammoota biroo kan hammatudha. Kana jechuun immoo safuu kan kabaju, kan waldanda'u uumama uumaan uumame hunda akka tahe beekuun ni danda'ma. Namni uumama nisafeeffata. Uumamnis nama nisafeeffata jechudha. Kana gochuu baannaan cubbuu dalaguudha. Cubbuu dalagnaan immoo balaatu irra gaha.

### 2.3.1. Barbaachisummaa Laguu

Uummanni tokko karaalee ittiin duudhaa hawaasaa dhalootatti dabarsuufi firooma uumu keessaa inni tokko gaa'ela. Oromoon akkuma baay'ina uummata isaafi bal'ina lafa isaatti aadaan fuudhaafi heerumaa isaallee hedduudha. Aadaa fuudhaafi heerumaa Aanaa Guutoo Giddaas akkuma hedduumina qabaniin ilaalchiifi kabajni hawaasni qabuuf garaagara. Bakka tokko tokkootti erga wal kaadhimmatanii hanga walitti dhufaniitti namoonni karaafi maqaa walii lagatan nijiru. Akkasumas, erga walitti dhufaniis gareen wal fuudhe gurbaan gara warra intalaa yoo maqaa waamuu lagatu isheenis warra isaa akkanuma lagatti. Kun immoo aadaa dhalootaa dhalootatti daddarbaa dhufeefi jirudha. Barbaachisummaan kanaa maaliif akka ta'e yaaxina isaa wal qabsiisuun boqonnaa afur jalatti ibsi kanitti kennamedha.

Hawaasni maqalee kana sababa safeeffatuu niqaba. Febrianuswantorofi Iragiliati (2012:90**),** namticha Wardaugh (1986:30) eeruun akka ibsanitti, "*taboo is the prohibition or avoidance in any society of behavior believed to be harmful to its members in that it would cause them anxiety, embarrassment, or shame"* jechuun yaadasaa ibsa. Safuun wanta fudhatama hinqabne, hamaa, qaanii amala hawaasichaa keessaa jiru dhorkuu yookiin immoo balleessuudha. Yaadni kun kan ibsu barbaachisummaan lagannaa kanaa amalawwan badaa, wantoota hawaasichi akka qaaniitti ilaalu, taateewwan hawaasichatti hin tolle akka hin

dubbatamneef kan dhorku yoo tahe hawaasichi seera bulmaata gaariifi amala gaarii gonfatee jiraachuu danda'a kan jedhudha.

Kana malees, barbaachisummaa lagannaa irratti Nadia (2012:101) yommuu ibsuuf yaalu, jechootni kun irraa caalaan sodaa xiinsammuu, hawaasummaafi dhiibbaawwan xinqooqaati. Jireenyi dhala namaa bu'aa bahii hedduun kan guutee waan taheef taateewwan jiran sunimmoo namoonni akka aaraan yookiin sodaatan ni taasisa.

Dabalataan immoo namni kamillee maqaalee safeeffataman kana dhalootaan gonfatee kan dhalatu miti. Erga dhalateen booda karaa adda addaan gonfachaa kan adeemudha. Yaada kanaan kan waldeeggaru, Ningjue (2010:91) Trudgill (2000:70) wabeeffachuun akka tuqutti faayidaa jechootni laguu qaban inni biraan humna guddaa qabaachuusaaniti. Seera ittiin hiikama jechichaa cabsuun hiikaa bakka isaa bu'u argachuuf ulfaataadha. Kana malees, bakkeewwan waldhabbiiwwan garaagaraatti akkaataa haasaa dubbattoottaafi akkasumaas, Kan dhaggeeffattootaa haala qabsiisuuf humna guddaa qabudha.

Karaa biraatiin, namni martu seera safuu hawaasichi eegee jiraatu yoo lagate, waan hamaafi gaarii adda baasee ni beeka. Dhalli namaa martuu waan badaafi gadhee keessa oola, waan hamaafi yaraarraa of eega, waan gadhee hamaa lagata. Namni waan hamaa fi gadhee lagatu immoo yeroo mara waan gaarii osoo dalage kan itti toludha. Kunimmoo hawaasa keessa jiraatu sana keessatti obsaafi qajeelummaa akka qabaatu isa taasisa. Haala kanaan maqaa garaagaraa lagachuun immoo jedha barreessaan kitaaba Daaniyaa (2006:310) nama yaadaafi qalbii of qulqulleessedha, nama nagaafi eebbaan of guutedha, kan garaa isaa jaalalaafi kabajaan of qabateedha, nama beekumsaafi hayyummaa waaqaan guutuu akka ta'etti ni ibsa.

Ciminni maqaalee kana safeeffachuu kan mul'atu baay'inaa hordoftoota waan safeeffamu sanaan kan taasifamudha. Kunis akkaataa inni qaamoota lagataman sanaan gama amalaan, yaadaan, gochaafi eenyummaan dhiibbaa isaan geesisaan irraa ka'uun kan garmaleessaan safeeffatamanidha. Kunimmoo safuu hawaasichaa eeguuf baay'ee murteessaadha. Namoonni dhuunfaanis tahe gareen safuu hawaasichi ittiin jiraachaa jiru keessaa akka hin baaneef, akka hincabsineef baay'ee barbaachisaadha.

### 2.3.2. Itti Fayyadama Laguu Irratti Kanneen Dhiibbaa Fidan

Hawaasa biratti maqaaleen akkaataa garaagaraan kan lagatamuu danda'anidha. Garuu wantootni duri hawaasicha keessaatti akka safuutti rawwatamaa turan yeroo dheeraan booda immoo dhiifamaa, dagatamaa kandeemanidha. Kunis tahuu kan danda'u sababoota garaagaraarraa kan ka'e tahuu danda'a. Sababoota kanneen keessaa tokko dheerina yerooti. Dheerinni yeroo lagannaa maqaa kanaan dura itti fayyadamamaa ture akka irraanfatamaan ni taasisa. Fakkeenyaaf haati manaa erga heerumtee booda maqaa abbaa manaashee kan hin waamne ture garuu ammaa haalli kuni baay'ee kan calaqqisaa jiru miti, Nadia (2012:68).

Kana cinattis garaagarummaan umurii namoota jidduutti argamu lagannaa maqaa kanatti fayyadamuuf baay'ee murteessadha. Da'immaan umriinsaanii waggaa kudhanii gad tahan jechoota safuu tahan baay'ee akka hin dubbaatneef ni dhorkamu. Namootni akkuma umriinsaanii guddachaa adeemuu hamma isaan safeeffachaa adeemanis akkasuma tahaa adeema. Kanneen biroon immoo waliin jireenya hawaasa adda addaa jidduutti uumamurraan kan ka'e baay'inaan dhiibbaan irraan gahuu danda'a. Namootni adda addaa sababii walitti dhufeenya karaa garaagaraan yommuu walitti dhihaatan walkeessa fuudhatan fayyadamuu ni danda'u. Kunimmoo jechichi akka garmalee dagatamaafi irraanfatamaa adeemu taasisa.

## 2.4. Fayyadama Afaanii

Fayyadama afaanii jechuun haala caasaafi fayyadama caasaa afaanichaa jechuudha. Caasaa afaanii yoo jedhamu, qaaccessa xiinqooqaa, xiinjechaa, xiinhimaafi xiinhiikaa afaanichaa hunda kan ilaallatudha. Kana malees, fayyadama afaanii jechuun beekumsa dandeettii afaanii irratti kan xiyyeeffatu ta'ee akkaataa afaan namni barumsaafi addunyaa qabatamaa keessatti haala fayyadama afaanii irratti kan xiyyeeffatudha. *"Applied linguistic is the one of several academic focusing on how language is acquired and in the modern world." toora interneetii www.cambridge, org.old.*

Akka Liulseged (1994) ibsuttis, fayyadamni afaanii iddoo hundumaatti akka barbaachisudha. Garuu, seera afaanichaa beekuunis barbaachisaa akka ta'e ibsa. Yaada kanarraa kan hubannu fayyadamni afaanii iddoo tokkotti ergaa tokko yoo qabaate iddoo kan biraatti ammo ergaa adda ta'e qabaachuu akka danda'u kan agarsiisuufi seera afaanichaa beekuun ammo iddoo haalletuu barbaachisaa akka ta'edha. Hayyuun Walff (2000:55) itti fayyadama afaanii sirriitti

hubachuuf gaaffiiwwan akka yoom, eessatti, maaliif, akkamitti, maaliin, eenyuuf, kan kana fakkaataniifi gaaffiiwwan xinqooqa hawaasaan walqabatan kaasuun hubachuun akka danda'amu ibsa.

Haaluma walfakkaatuun, Stockwell (2002:12) itti fayyadama afaanii yoo ibsu, asxaa hawaasaa (sanyii, aadaa) isa olaanaa akka ta'etti ibsa. Namni tokko afaan akkaataa barbaadeen filachuun bakkee adda addaatti dhimma adda addaaf fayyadamuu ni danda'u. Walumaagalatti, yaada hayyoota olitti eeramanirraa kan hubachuun danda'amu fayyadamni afaanii yaadumaan kan dhugoomu osoo hinta'in haala qabatamaa hawaasni tokko afaanitti dhimma bahuun hojii tokko hojjetuufi hariiroo hawaasichi jiruufi jireenya isaa keessatti qaburratti hundaa'uun kan murtaa'u akka ta'edha. Kunis, ergaan afaanii dhimmoota adda addaa keessatti kan gargaaru ta'ee namoonni karaa dubbiifi barreeffamaatiin jireenya guyyaa guyyaa keessatti dhimma daldalaa, amantaa, falmii siyaasaafi kan kana fakkaatan keesattii kan hojiirra oolchanidha. Dabalataanis, bashannanuu, gorsuu, akeekkachiisuu, ifachuufi amansiisuu keesattis dhimma itti ba'ama.

### 2.5. Balballoomsa Fayyadama afaanii

Balballoomsi fayyadamaa afaanii karaa adda addaatiin ibsamuu yookaan hiikamuu danda'a. Akka hayyoota xinqooqa caasawaatti balballoomsi fayyadama afaanii barreeffamaafi dubbii kaayyoon isaa tartiiba jechootaa ykn caasaa afaanii keessatti dubbatamaafi haala keessatti dubbatee san adda baasuun balballoomsuudha.

Maleenyaan inni biraa fayyadama afaanii ittiin balballoomsinu, maleenya tajaajilaa kan jedhamu yoo ta'u akkaataa hiikni dubbataa qabiyyee dubbiifi haala dubbataa irratti hundaa'uudhaan gargar ta'u qaaccessuuf kan gargaarudha. "functional approach helps to anlysise how meanings of utterances vary based on context of speaking and the mood of the speaker.'' (Biber *et al*., 2007: Alvesson, 2004fi Mac Carty, 1991).

Maleenyaan kun xiyyeeffannoo isaa caasaa irraa gara hiikaatti fuulleffatee jira. Haata'u malee gahee hawaasaafi aadaan fayyadama afaanii keessatti qabu waan irranfate fakkaata. Malleenyaan kun fayyadamni afaanii, aadaan, hawaasnifi siyaasaan akkamitti akka dhiibbaa walirratti geessisuu danda'an xinxaluu irratti hangas mara quubsaa miti. "*This approach is*

*inadquate in analyizing how language use influencesand is influeced by the existing wider socio-caltural and political realities''* (Alvesso, 2004).

Egaa hanqina kana furuuf maleenyaan hayyoota xinqooqa hujoofi saayinsii hawaasaa birootiin dhiyaate kan biraa hiika balballoomsa afaanii xiinxalu irra bal'aadha. *"It includes analysis of the broder socio-cultural and polotical context in which a given discourse is produced and consumed*" (Fairclough,2003; Gee,1999;Wodak,2007).Maleenyaan inni sadaffaan kun balballoomsa fayyadama afaanii keessatti sochiiwwan hawaasummaa,siyaasafi aadaa garaagaraa gadi fageenyaan qorachuun kan bocuufi ofii isaatiis kan ittiin bocamudha. *"In this approach language is considered as a lens to critically investigate variuos social, political and cultural practices that shapes and shaped by* it'' (Alemu, 2013:25). Maleenyaan inni sadaffaa kun aadaa gadi fageenyaan qorachuu waliin waan walqabatuuf walitti dhiyeenya ni qaba.

### 2.6. Walitti Dhufeenya afaaniifi Eenyummaa

Afaaniifi eenyummaan hariiroo sirrii qabu. Namni afaansaatti gargaaramee eenyummaasaa olkaasee yoo hin dubbanne isa du'e faana wal hin caalu. Afaan eenyummaafi aadaa hawaasa tokkoo walitti qabatee kan tursiisudha. Enyummaan saba tokkoo karaa adda addaa ukkaamamuu danda'a. kunis, afaan yookaan aadaan kan saba biraatiin liqimsamuu danda'a. Afaaniifi aadaan liqimsamnaan eenyummaan nama dhuunfaas ta'e hawaasaa bade jechuun nidanda'ama. Walitti dhufeenyi afaaniifi eenyummaa yaada hayyootaa irratti hundaa'uun maalummaa afaaniifi eenyummaa, hariiroo afaaniifi eenyummaa, walitti dhufeenya afaaniifi kanneen eenyummaa namaa ibsaan barnoota afaanii keessatti aadaan gargaaramuun afaaniifi eenyummaa barsiisuun caalmaatti barataaf barbaachisaa ta'uunsaa nama hin gaafachiisu.

Qindaa'ina afaaniifi eenyummaa, dhalli namaa itti fayyadamuun sagalee dubbii bakka bu'ee yaada, fedhii namootaa addaaddummaa yookaan eenyummaan isaanii kan itti ibsamudha. Haala hedduutiin kan eenyummaa nama dhuunfaa yookaan eenyummaa hawaasaa kan itti ibsamudha. Hawaasni addunyaa kanarra jiraatu isa tokko isa biraarraa addaan kan baasu baay'eetu jira. Kunis bifa isaatiin, kaan sadarkaa diinagdeetiin, kaan ammoo sanyiif afaan irratti hundaa'uun saba tokko saba isa biraarraa adda godhee kan ibsu inni olaanaan afaani.

Namni haala adda addaatiin nama biroo waliin yoo walarge enyummaa nama sanaa beekuuf gaaffilee maqaankee eenyu? Eessaa dhufte?, maal hojjetta? fi kkf gaafachuun eenyummaa nama sanaa beekuuf yaalaa kan waliin dubbatu waa'ee seenaa ofiifi eenyummaa hawaasa odeeffannoo kennuudha. Afaan yeroo mara akka meeshaa walquunnamtiifi akka mallattoo eenyummaa saba tokko ta'ee tajaajiluu kan danda'udha "*language has alwaysbeen used both as ameans of communication and as a symbol graup identity"* Hoffman, (1991:15). Hawaasa Aadaa adda addaa qabu keessatti afaan mallattoo addaa addummaa ta'uu isaa kan hafuu danda'u miti.

Sabni tokko eenyummaa gamtaa isaa qabaatee jiraata kan jedhamu yoo miirri tokkummaa dhugaa qabu hidda cimaa afaanii, qomooniifi amantiin walitti hidhamedha. Afaan, eenyummaan hawaasaa adda ta'e tursiifamuu kan danda'amu, yoo afaaniifi aadaan tursifaman qofa.

Afaan seenaa (aadaa) Saba tokko baatee deema. Aadaan akkaataa jiruufi jireenya hawaasaa calaqqisiisa. Afaaniin aadaan saba tokko dhaloota tokkorraa isa itti aanutti darba. Aadaan eenyummaafi maalummaan saba tokko kan murteessu yoo ta'u hawaasni tokko ilaalcha addaa akka ofiif qabaatu gumaacha.*''Culture is a defining feature of a person's identity contributing to how they see themselves and the groups with which theyidentify"*Jedha (Henery,1913:326). Afaan uummata malee uummanni afaan malee eenyummaa isaa ibsachuu hin danda'u. Lamaanuu tokkummaafi walfakkaatinsa qabu. Yoo afaan beekne eenyummaa namaa beekuu dandeenya.

Karaabiraatiin afaan hawaasa bal'aa keessatti saba hidda tokko irraa madde kan seenaa bara dheeraa waliin qooddate, Kan muuxannoo jireenyaa walfakkaatu jiraate, kan aadaafi duudhaa yeroo dheeraa sana calaqqisiisu hordofanii jaalalaan walqabachiisee jiraachisudha. Kanamalees, Afaan iji namaa waan guyyaarraa guyyaatti addunyaa kana keessatti dalagamaa oolu meeshaa ittiin dawwatudha. Walumaagalatti afaaniifi eenyummaan addaan bahanii kan hin ilaalamne ta'uusaa gama beektotaan armaan olitti kaa'ameera. Kanaafuu isa kanammoo fayyadama afaanii lagannaa maqaa namootaa jedhu kana yaada beektoota kanaaan walqabsiifnee yoo ilaallu, lagannaan maqaa namaa aadaa Oromoo keessatti kan hawaasni Oromoo maqaalee namoota maqaa isaanii dhahuu/waamuu hin barbaadne fayyadama afaanii

garaagaraatti fayyadamuun bakka buufatudha. Afaan kanatti fayyadamuun isaa immoo ittiin walkabajuuf, ittiin eenyummaa aadaa isaa tursiisuufi ittiin walijaaraa deemuuf isa gargaara.

### 2.7. Sakatta'a Barruu Walfakkii

Qorannooleen garaagaraa yeroofi bakka adda addaatti rakkoolee garaagaraaf furmaata kennuuf yookiin beekumsa tahe tokko dabaluuf mata dureewwan hedduu irratti kan dalagamaa ture, Ammas kan hojjetamaa jiru, gara fulduraattis kan itti fufudha. Mata duree kana jalattis qorannoowwan namoota biyya alaafi keessatti taasifaman turan keessaa mata duree kanaan walitti dhufeenya kanneen qaban asjalatti kan dhiyaatanidha.

Qorannoowwan biyya keessaa mata duree kanaan walitti dhiyeenya qaban keessaa; Biqilaa Tufaa(2008)*Qaaccessa Safuufi Safeeffannaa Uummata Oromoo Godina Arsiifi Gujii: Xiyyeeffannaa Aanaa Heexosaafi Ardaa Me'ee Bokkoo* kan jedhuurratti kan gaggeeffamee yoo ilaallee qorannaa koo waliin kan wal nufakkeessu lachuu dhimma safuu hawaasa Oromooo gidduu galeeffachuun kan gaggeeffame ta'uun, aadaan safeeffannaa kanaa bakka adda addaatti kan hojiirra oolu ta'uu isaa agarsiisuuf yaaluu, yoomessa safeeffannaa kanas agarsiisuufi ibsa gahaa ta'e itti kennuun akka hubannaaf tahutti dhiyeessuun yoo ta'u; Garaagarummaan keenya immoo kan koo safeeffannaa maqaa namootaa waamuu lagachuurratti Godina wallaggaa bahaa Aanaa Guutoo Giddaarratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, kan isaa immoo "*Qaaccessa Safuufi Safeeffannaa Uummata Oromoo Godina Arsiifi Gujii: Xiyyeeffannaa Aanaa Heexosaafi Ardaa Me'ee Bokkoo"* kan jedhuurratti kan gaggeeffame ta'uu. Dhimma kana yoo ilaalle daangaa qabiyyee qorannichaanis, bakkaanis garaagarummaa guddaa kan qabnudha. Akkasumas, dhimma safeeffannaa hawaasa Gujiifi Arsii wal cinaa qabuun akka wal dorgomsiisuun kan dhiheesse ta'uun isaa adda nutaasisa.

Kan biraan immoo qorannoo bara 2008tti Dassaalany Seeqaa (2008) *Mata duree "Qaaccessa qabiyyee Jechoota Laguu; Xiyyeeffannoon Oromoo Godina Wallagga Bahaa Aanaa Kiiramuu keessa jiraatan* fi Leeniin Quutoo (2012) *Xiinxala laguu foon Beeyladootaafi Bineensotaan walqabatu; xiyyeeffannoon Oromoo waayyuu shanaan.*

Qorannoowwan kanneen walitti dhufeenyi isaan qorannoo kana waliin qaban waa'ee safuu hawaasa Oromoo irratti hundaa'uun gaggeeffamuu isaaniiti. Garaagarummaan isaan qorannoo kana waliin qaban immoo qorannoon Dassalany yookiin inni lammaffaan kun jechoota laguu akka walii galaati qaaccessuurratti kan bu'uureffate yommuu ta'u qorannoon

kan koo immoo mata duree fayyadama afaanii maqaalee namootaa lagatamanii qaaccessuurratti bu'uureffatee kan gaggeeffamedha.

Qorannoon inni sadaffaas, mata duree lagannaa Foon bineensotaafi Beelladootaa xiinxaluu irratti xiyyeeffatedha. Kunis qorannoo kanaan walitti dhufeenyi inni qabu kallattiidhaan yoo jiraachuu baatellee foon bineensotaafi beelladootaa lagachuun hawaasa kana biratti akka safeeffannaafi aadeeffannaatti ilaalamuun hawaasaan kan lagataman waan ta'eef dhimma lagannaan tokko isaan taasisa. Garaagarummaan inni qorannookoo kana waliin qabu immoo qorannoon Leeniniin dalagame foon bineensotaafi beelladootaa lagachuurratti kan bu'uureffatu yommuu ta'u, Qorannoonkoo kun immoo lagannaa maqaa namootaa fayyadamuu irratti kan qaacceffamedha.

Xahaa Maammaa(2016*) Qaaccessa Itti Fayyadama Afaan Oromoo Mana Murtii Aanaa Aagaarfaa* irratti kan akka biyya keessaatti gaggeeffaman yommuu ta'an, Qorannoon kun walitti dhiyaanya inni qorannookoo waliin qabu immoo lamaan isaayyuu fayyadama Afaaniirratti walfakkeenya qabu. Garaagarummaan isaan qaban qorannoon kun fayyadama afaanii mana murtiirratti kan gaggeeffame yommuu ta'u qorannoonkoo immoo fayyadama afaanii maqaalee namootaa lagataman irratti kan xiyyeeffatudha.

Liulseged (1994) mata-duree "*Language Use in The Reseattlement Sites*" kan jedhu ta'ee, xiyyeeffannoon qorannoo isaa ittifayyadama afaanii Dimtu, Illu Abbaabaaboorfi Gambeellaadha. Qoratichis ittifayyadama afaanii kutaalee hawaasa biyyichaa ibsuu yaaleera. Akka argannoon isaa ibsutti afaan dhalootaatti gargaaramuun kutaa hawaasa hedduu keessatti dhimmoota walitti dhufeenya gareetiif yeroo ta'u, Afaan Amaraa akka irra jireessaatti afaan Oromoo haala gadi bu'aan garee hawaasa adda addaa keessatti kan mul'atu ta'uu isaa ibsuun, akka dhaabbilee mootummaatti garuu, afaan Amaaraatiin daanga'e akka jiru lafa kaa'a. Haata'u malee qorannoo koo keessatti, kan ilaalamu afaan hojii mootummaa nannoo kan ta'e Afaan Oromoo irrattifi lagannaa maqaa namootaa Aanaan tokko itti gargaaramurratti ta'uun qorannoo kana irraa adda ta'a.

Qorannoo biro kan itti fayyadama afaanii waliin kan walitti dhiyeenya qaban immoo, kan Ayub (2008) mata duree "*Language use of Jamican and Rastafarian Commumity in shashemene*" jedhurratti hojjetamedha. Qorannichis ittifayyadama afaanii hawaasa Rastafrian kan hawaasa naannoo Shaashamannee waliin madaaludha. Argannoon qorannoo kanaas,

fayyadamni afaanii hawaasa Jamaikaafi rastafariaan kan hawaasa naannoo waliin madaaludha. Argannoon qorannoo kanaas fayyadamni afaanii hawaasa Jamaikaafi rastafariia Shashamannee keessa jiraatu kan hawaasa waliin walitti firoomsun ittigargaaramuu isaaniiti. Keesumattuu xinqooqa hawaasa biyyatii keessatti afaanotti hedduun akka afaan tokkofi lamaffeetti dubbatamaniyyuu afaan Amaaraa irra jireessa akka filatanifi hawaasa kan biratti akka dubbatamu ibsa. Kunis, seenaa darbee keessatti waan waliin qaban irraa kan madde akka ta'e lafa kaa'a. Haata'u malee qorannoon Ayub ittifayyadama afaan hawaasa Jamaayikaa kan hawaasa naannoo waliin yeroo ilaalu qorannoon koo garuu, ittifayyadama afaan Oromoo lagannaa maqaa aanaa tokkoo waan ta'ef garaagarummaa qabu.

Mulugeetaa warquu (2005/2016). "Qaacceessa itti fayyadaama Afaan Oromoo mana murtii Aanaa Daandii" kanjeedhu yommuu ta'u, qorannookoo waliin walitti dhufeenya inni qabu fayyadama afaanii irratti yoo ta'e malee garaagarummaa kan qabudha.Garaagarummaan inni qorannookoo kan waliin qabus qorannoon kun fayyadama afaanii mana murtii aanaa dandii qaaccessurratti kan bu'uureffatu yommuu ta'u, Qorannoon koo immoo fayyadama afaanii lagannaa maqaa namoota Aanaa Guutoo Giddaarratti kan xiyyeeffatudha.

Gammachiis Zewoodee (2008/2016). "*Xiinxaala haasbarruufi fayyadaama afaan Oromoo mana murtii Aanaa Hidhabuu Abootee"* jedhurraatti kan hojetame yoota'u, qorannoon isaas kan inni xiyyeeffaatu mana murtii jalaatti xiinxaala haasbarruufi haala uumaamsa jechoota haaraa mana murtii keessaati jedhurratti kan hojetaame yoota'u, walfakkeenyi inni qorannookoo kana waliin qabu fayyadama afaanii irratti yommuu ta'u garaagarummaan inni qabu garuu qorannoon kun haasbarruufi fayyadama afaan mana murti irratti kan qoratame yommuu ta'u qorannoonkoo immoo lagannaa maqaa namootaa Aanaa tokkoorratti kan gaggeeffamedha.

Kanneen namoota biyya alaan aadaa biyya keenyaafi aadaa biyya alaa keessatti dalagaman tokko tokkos akka fakkeenyaatti kan dhiyaatanidha. Qorannoowwan jechoota safuu/laguun dhiyaatan keessaa Mbya (2002) mataduree *" Linguistic Taboo in African Marriage Context: A Study of the Oromo Laguu"* jedhuun kan gaggeeffame yaadrimee warroommii keessatti wantoota akka safuutti ilaalaman irratti kan bu'uureffatedha.

Inni kan biraan Chigidi (2006) mata duree “*Shona Taboos: The Language of Manufacturing Fears for Sustainable Development”* jedhu irratti qorannoo gaggeessuun gahee jechootni safuu guddina walitti fufaa uummata shoonaa keessatti qabu irratti dhiyeessuun sodaawwan jechoota kanarraa kan ka’e guddinawwan yookiin jijjiiramawwan jiran kan agarsiiseedha.

Qorannoowwan kanneen lamaan kuni qorannoo kana faana walitti dhufeenya isaan qaban qorannoon inni jalqabaa, jechootni safuu dhiyaatan kanneen hawaasa keenya faana walitti hidhata waan qabaniif walfakkeenya niqabu. Isa lammaffaa faanas xiyyeeffannoon isaa waa’ee safuu hawaasaa waan taheef walitti dhiheenya niqaba.

Garaagarummaan isaani immoo qorannoo isa jalqabaa waliin qorannoon kun jechoota safuu warroommii qofaa irratti kan xiyyeeffatu osoo hintaane, afaan hawaasichi akka safuutti gama adda addaan itti gargaaramu irratti kan xiyyeeffatedha. Isa lammaffaa waliin immoo jechootni dhiyaatan, haalli isaan itti dhiyeeffaman, aadaan isaani itti fayyadamamani illee qorannoo kana faana garaagarummaa hedduu qaba.

Akkasumas, Cooper fi carpenter (1976) “*Language in the market*” mataduree jedhuu qo’atanii turen. Argannoon jirus, haalli fayyadama xinqooqa gabaa (Finfinnee, Aramayyaa, Asmaraa, Diredawaa, Harar, Jimmaafi Soddoo) waliigalteen kan taasifamuufi kan bal’inaan fayyadaman af-heddeen daldaltootni akka ittigargaaramaniin malee, afaan daldalaa tokkoo qofaan akka hintaanedha. Bakka (yoomessi) qo’attoota kanaa bal’aadha. Kunis bakka daldalaa Itoophiyaa adda addaa kan haammatu waan ta’eefi gama biraan, qorannoon kun immoo, ittifayyadama afaanii aanaa tokkoo qofaa irratti kan xiyyeeffate ta’ee lagannaa maqaa namaarratti kan gaggeeffamedha. Inni kun garaagarummaa isaan gidduu jiru yommuu ta’u tokkummaan isaan qabaniifi walitti dhiyyeenya isaan qorannoo kana waliin qaban lamaanuu fayyadama afaaniirratti xiyyeeffachuu isaanii qofadha.

Qorannoon kan biroon, cooperfi kaawwan (1976) gaggeeffamemmoo, kafaafi Arsii irrattidha. Qorannoon kunis magaalaa biyyattii akka waliigalaatti afaan dubbatamu irrattidha. Argannoo isaanii keessattiis, magaalaan xinqooqa af-lameetti kan gargaaramuu ta’ufi baadiyyaan afaan tokkotti akka gargaaramu ibsanii jiru. Akkasumas, afaan Amaaraa akka afaan 1$^{ffaa}$ fi 2$^{ffaa}$ tti magaalaatti yemmuu tajaajilu Afaan Oromoo immoo akka afaan 1$^{ffaa}$ tti kan baadiyaa ta’uu isaa kaa’aniiru. Qorannoo kana waliin kan tokko taasiisu itti fayyadama afaanii irratti gaggeeffamuu yeroo ta’u garaagarummaan isaa itti fayyadama afaan baadiyyaafi magaalaa

yeroo ilaalu, qorannoon kun garuu itti fayyadama afaan lagannaa maqaa namootaa keessaa kan hawaasa Oromoo Aanaa tokko qofaarratti xiyyeefachuu isaati

## 2.8 Yaaxina Qorannichaa

Yommuu Qorannoon tokko gaggeeffamu yaaxinaaleen dhimma qorannichi irratti gaaggeeffamuun walqabatan kaa'uun barbaachisaadha. Armaan gaditti kan kaa'aman kun yaaxxinoota dhimma qorannoon kun irratti gaggeeffame yookaan mataduree qorannichaa qorachuuf nugargaaranidha.

### 2.8.1 Yaaxina Xiinhawaasaa (sociolingustics)

Damee xinqooqaa keessaa xinqooqni hawaasummaa walitti dhufeenya afaaniifi aadaa irratti hundaa'uun qorachaa kan turedha. Akkasumas, Walitti dhufeenya jechootni laguufi garaagarummaa hawaasaa gama umuriin, saalaanifi sadarkaa jireenya hawaasummaa dubbattootaa irraatti xiyyeeffachuun akka qoratu Nadia (2012) ni ibsa. Keesummaayyuu garaagarummaa saalaa jechootaa safuu fayyadamuu irratti hundaa'uun baay'inaan qorachaa kan turanidha. Xiinqooqni ammayyaa akka ibsutti wantoota dubbii hawaasaa irraan dhiibbaa geessisan keessaa saallifi koorniyaan isaan muraasa. Saalli kan namni tokko dhalootaan gonfatee uumamu yommuu tahu, koorniyaan immoo qoqqoodmaa hawaasichi waliif kennuudha.

Kanamalees, yaaxinni xiinhawaasaa wa'ee walitti dhufeenya afaaniifi hawaasaa irratti kan xiyyeeffatudha. Wardhaugh (2006:105) akka ibsutti "*sociolinguistics theory is concerned with investigating the relationships between language and society with the goal being a better understanding of the structure of language and of how languages function in communication*" jedha. Yaaxinni kuni walitti dhfeenya afaaniifi hawaasaa irratti bu'uuruun galma caasaa afaan sanaa hubachuufi faayidaa afaan walqunnamtiif qabu kan qoratudha.

Akka yaada garee kanaatti jechootni laguu kan qoratamuu danda'an gama saalaa, koorniyaa, sadarkaa jireenyaafi umrii namootni keessa jiraniin ilaalamuu qaba. Kunis kan tahuu qabu jechootni kun kan argaman yookiin dubbataman irraa caalaan naannoo kana waan tahaniifi.

Dabalataanis, jechi tokko kan lagatamu hiika gaarii yookiin ilaalcha fudhatama qabu hawaasicha biratti yoo dhabeedha. Kunis ilaalcha hawaasichi isaaf kenne irratti hundaa'uudhan. Kunis dhiibbaa kan dhaqqabuu danda'uu dhiibbaa hawaasichaafi dhiibbaa

haalaa tahuu ni danda'a. Dhiibbaa hawaasaa kan jennu hawaasichi jechichaatti akkaataa kamiin akka fayyadamu, Dhiibbaa haalaa kan jennu immoo haala akkamii keessaatti, bakkaafi yeroo hirmaattootta itti fayyadama meeshaalee adda addaa kan of keessaatti hammatudha.

### 2.8.2 Yaaxina Tajaajilaa

Yaaxxinni kun faayidaalee beekumtaan jiruufi jireenya hawaasaa keessatti qabu kallattii adda addaan ibsuuf karaa kan namatti argisiisudha.Yaaxxina tajaajilaa kan bu'uure baratаа Melville Herskovits, kan ta'e William Baskomiini.Yaaxinni tajaajilaa biyya Awurooppaatti eegale kun qorannoo aadaa hawaasa tokko keessatti akka calaqqeetti kan ilaalamuufi aadaaf walitti dhufeenya hawaasicha sanaa daraan kan cimsudha.Yaaxxinni kunis adeemsa sirnootaafi ayyaanoota adda addaa, faayidaa isaa, gahee meeshaaleefi afoolli hawaasichaa sochii aadaa sana keessatti qabu, akkasumas,hirmaannaa hawaasaa fi fedhii hawaasichi sochii aadaa isaaf qabu qorachuu keessatti gahee olaanaa qaba.Filee (2016:49)

Haala itti fayyadama jechoota laguu ilaalchisees: Hiika waanta dubbatame tokkoo beekuuf seerluugaafi caasaa afaan sanaa beekuu osoo hintaane haala inni keessatti dubbatame beekuudha. Haala dubbiin tokko keessatti dubbatame wallaaluun itti fayyadama jechoota laguurratti walquunnamtii barbaadame bira akka namni hin geenye gochuu danda'a.Wantootni walquunnamtii keenya irraan dhiibbaa geessisan ammo yoomessa dubbiin sun keessatti dubbatame, hirmaattoota akkamiitu akka keessatti hirmaate, tartiiba gochaa, caasaafi adeemsa kamiin akka dhiyyaate,haala ittiin jechoota laguu san ibsuuf fayyadame, duudhaa hawaasichaa eeggatee dhiyyaatuufi kanneen itti fayyadama jechoota laguu irratti dhiibba irraan geessisan keessaa isaan muraasa. Kana jechuun dubbiin aadaafi duudhaa amantaa hawaasaan akka daangeffamuu danda'u hubachuun nidanda'ama.

Gama biroonis, hawaasni dubbii dubbatu keessatti seera ittifayyadama jechoota laguu kan qabu ta'uusaa mul'isa. Seerri kun immoo akkaataa walquunnamtii guutuu kennuu danda'uufi walitti dhufeenya hawaasaa eeguu danda'uun kan itti fufudha. Laguun kan qoratamuu danda'an gama saalaa, koorniyaa, sadarkaa jireenya hawaasaafi umurii namoonni kun keessatti argamaniin ilaalamuu qaba. Sababni isaas jechoonni laguu kunneen hawaasicha biratti irra caalaatti kan isaan dubbataman naannoo kanatti waan ta'aniifi.

# BOQONNAA SADII: SAXAXAAFI MALA QORANNICHAA

Boqonnaa kana keessatti tooftaalee qorannichaafi wantootni mala qorannichaa waliin walqabatan kanneen akka, filannoo iddattoo, mala odeeffannoowwan ittiin funaanaman, Meeshaalee odeeffannoon ittin funaaname, naamusa ogummaa, muuxannoo dirree aloolaa, mala odeeffannoon ittiin qaacceffamuufi kkf ofkeessatti hammata. Waantonni armaan olitti tuqaman kunis bal'inaan armaan gadiitti ibsamaniiru. Kaayyoon qorannoo kanaa inni guddaan haala itti fayyadama afaanii lagannaa maqaa hawaasa Godina Wallaggaa Bahaa Aanaa Guutoo Giddaa haala qabatama jiruun xiinxaluudha. Mata duree kana keessatti dhugaa duuba qorannichaa jirutu ibsama. Saxaxa keessatti adeemsa yookaan haalli qorannichi itti dhiyyaatu bal'inaan kan ibsamu yoo ta'u, mala qorannoo keessatti immoo tooftaa qorannichi ittiin gaggeeffamutu duraa duubaan dhiyaateera.

## 3.1. Beedduuba Qorannichaa

Beedduubni Dhugaa hawaasa keessa jiru waliin walqabata. Uummanni Oromoo Aadaa bal'aa kan hawaasicha keessatti itti fayyadamu qaba. Haalli dhugaa hawaasa keessa jiru immoo bakkaa bakkatti garaagara. Hawaasnis jiruufi jireenya isaa keessatti akka aadaa hawaasa sanaatti waan dhalootaaf olkaa'aa adeemu garaagara hedduu ni qaba. Isaan keessaas lagannaan maqaa isa tokko waan ta'eef dhaloonni aadaa kana akka irraanfachaa deemu hin barbaadu. Kun immoo akka inni hin dagatamne gochuun waan badaa mormuun dhugaa ijaarrachaa deema. Oromoon Aanaa Guutoo Giddaa namni tokko kallattiin maqaa lagatamu/safeeffatamu kanatti akka hin fayyadamne walbarsiisaa, walqajeelchaafi walijaaraa kan jiraatudha. Kanaafuu beedduubni qorannoo kanaa kan ijaarsaati.

## 3.2. Saxaxa Qorannichaa

Saxaxni qorannoo kaayyoo qorannoon sun adeemsifamuuf kaa'ame sana galmaan gahuuf wantoota raaawatamuu qaban kan ofjalatti qabatudha. Qorannoo kana keessatti Qabiyyeefi fayyadama afaanii maqaalee namaa lagataman hawaasa Oromoo Aanaa Guutoo Giddaa biratti adeemsa isaa haala hubatamuu danda'uun duraa duuba isaaniin ka'amaniiru. Maqaa namootaa lagatamanii irratti hubannoo gahaa argachuuf, akkasumas gahee fayyadamni afaanii ijaarsa aadaa keessatti qabu kan xiinxalamedha. Gabaabumatti, gaaffilee qorannichaa deebisuuf afgaaffiifi marii garee adeemsisuun haala itti fayyadama isaanii qaaccessuun ibsameera. Kanaafuu, Saxaxni qorannoo kanaa qorannoo addeessaadha.

### 3.3. Malleen Qorannichaa

Qorannoo tokko gaggeessuuf maloonni qorannoo adda addaa jiraachuu danda'u. Mata duree kana jalatti haala ragaan itti funaanameefi ragaan funaaname sun ittiin ibsamurratti hundaa'uun qorattuun qorannooshee kana mala qorannoo qulqullinaa (qualitative method) fayyadamuun kan gaggeessitedha.Qorannoon mala kanaan gaggeeffamu odeeffannoo argame mala addeessa yookiin mala ibsaatiin akka dhihaatu Dastaa (2002:20) ibseera.Haaluma walfakkaatuun Addunyaa(2011:60) yoo ibsu,''Malli akkamtaa,haalli jiruufi jireenya hawaasaa ykn amala hawaasa sanaa akkaataa, bifa inni qabuufi qabata isaa akkasumas maal jechuu akka ta'e kan ittiin xiinxalamudha''jedha.Yaaduma olii kana bu'uura godhachuun qorattuun fayyadama afaanii lagannaa maqaa namootaa agarsiisan Aanaa Guutoo Giddaa qabiyyee isaaniifi haala itti fayyadama isaanii maal akka fakkaatan qaaccessiteetti**.**

#### 3.3.1. Irrawwatama Qorannichaa

Qorannoon kun xiinxala fayyadama afaanii lagannaa maqaa namootaa Godina Wallagga Bahaa Aanaa Guutoo Giddaa irratti gaggeeffame. Odeeffannoo kennitootni qorannichaas manguddoota Aanichaati. Malli manguddoonni itti filatamaniis mala kaayyeffataanii. Sabaabni manguddootni kun itti filatamanis, manguddoonni muuxannoo dheeraa qabiyyeewwan jechoota laguu, haala itti fayyadama isaaniifi gahee isaan ijaarsa hawaasummaaf qaban bal'inaan ibsuu waan danda'aniifidha.

#### 3.3.2. Madda Ragaalee

Qorannoo tokko adeemsisuu keessaatti qorataan ragaalee madda garaagaraa irraa fudhachuu nidanda'a. Madda ragaawwan kana eeruun immoo qorataan madda ragaa akkamii akka fayyadame akka dalage dubbistootni akka hubataniif fayyada. Maddi ragaalee qorattuun kuni itti fayyadamtees madda raga tokkoffaadha. Maddi ragaa tokkoffaa odeeffannoo kallattiin qaamoota garaagaraa irraa argaman jechuunis karaalee afgaaffiifi xiyyeeffannoo marii garee irraa walitti qabaman kallattiidhaan hirmaattoota qorannoo kanarraa kan walitti qabamanidha.

#### 3.3,3 Iddattoofi Iddatteessuu

Iddattoon akaakuuwwan wantootaa odeeffannoo irraa funaannachuuf qorattuu gargaarudha. Mala kana keessattis tooftaa ittiin ragaa fudhattu mala iddattoo hedduu jiran keessaa akka

qorannoo isheef tolutti ilaaluun mala iddattoo kayyeffatatti (purposive sampling) fayyadamteeti. Malli iddattoo kaayyeffataa kunis namoota dhimma qorannoon gaggeeffamu sanarratti muuxannoo yookiin odeeffannoo gahaa kennu jedhamanii yaadaman irratti bu'uureffachuun kan gaggeeffamudha.

Dabalaatanis, James (1996:210) akka armaan gadiitti ;

> *In purposive sampling the researcher selects Particular elements from the population that will be representative or informative about the topic. Based on the researcher's knowledge of the population, ajudgment is made about which cases should be selected to provide the best information to address the purpose of the research.*

Akka yaada kanaatti malli iddattoo kaayyeffataa namoota odeeffannoo irraa fudhatan sana kaayyeffatanii irraa fudhachuurratti xiyyeeffata. Mala iddattoo akkanaa keessaatti hirmaattota jiran keessaa qoratttuun mala qorannooshee bakka bu'uu danda'an yookiin waa'ee mata duree ishee irratti odeeffannoo naaf kennu jettee yaadde kan filattedha. Muuxannoo qorattuu irrattis hundaahuun qaamoota odeeffannoo caalmaatti irraa argachuu danda'a jettee itti amante, ragaa gahaa naaf kennu jettee yaaddu kan filattudha. Kana jechuunis qaamoota hawaasaa jiran keessaa waan kaayyeeffatame sana galmaan gahuu kan danda'an filachuun qorannooshee kan adeemsistedha.

Namoota hubannoo, ilaalchaa, yaadafi muuxannoo gahaa qaban kan filatamanidha. Kana bu'uura godhachuun qorattuunis uummata Aanaa Guutoo Giddaa keessaa jiraatan keessaa dhiira 56fi dhalaa 44 akka waliigalaatti namoota 100 akka iddattootti filatteetti. Qorattuun namoota kana kan filachuu dandeesses odeeffannoo abbootii gandaafi Waajjira Aadaafi Turiizimii Aanaa Guutoo Giddaa irraa argattee dubbisuunifi namoota umuriin manguddummaa keessa jiran ofiin beektu bira deemuuni. Odeeffaannoo kennitootnis Manguddoota. Sababni isaas, Manguddoonni ragaa gahaa muuxannoo qaban irraa kennuu danda'u jadhamanii waan yaadamaniifi. Mala qorattuun kun dhimma itti baates, afgaaffiifi xiyyeeffannoo marii garee fayyadamuuni. Sababni afgaaffifi mariin garee itti filatamanis qorattuun qaamaan odeeffannoo kennitoota bira gahuun gaaffii barbaadde gaafachuun deebii gahaa argachuu waan dandeessuufi. Odeeffannoo kennitootnis fuulaa fuulatti walarguun soda tokko malee odeeffannoo kennuu waan danda'aniif ta'a.

Dabalataanis, qorattuun yeroo afgaaffifi marii gareetti fayyadamtee odeeffannoo funaannattu miira odeeffannoo kennitootaa qaamaan bira geessee waan ilaaltuuf jecha waan odeeffannoo kennitootaaf hin galle hunda ifa gochuun odeeffannoo gahaa ta'e argachuu waan dandessuufi. Afgaaffii keessattis gaaffilee cufamoofi banamoo qopheessuun gaafatamtoota haala barbaadameen gaafachuun odeeffannoo argachuudha. Marii garee keessatti immoo gaaffilee hirmaattotaaf ykn odeeffannoo kennitootaaf dhiyyeessuun akka isaan garee isaanii keessatti hirmaachuun deebii kennaniifii mariin odeeffannoo sodaa malee dabarsuu akka danda'an gochuunidha. Walumaagalatti qorattuun ragaa mala kanaan funaannatte kana yaadannootti qabachuun erga qindeeffattee booda qorannoo ishee keessatti kan hammachiifattedha.

### 3.3.3. Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Meeshaaleen funaansa ragaa galma gahiinsa qorannoo tokkoof baay'ee murteessadha. Meeshaalee funaansa ragaa qorattuun kun dhimma itti baatee afgaaffiifi xiyyeefannoo marii gareedha. Qorattuun kun meeshaalee funaansa ragaa kana kan fayyadamtes odeeffaannoo gama adda addaan argatte ragaa dhugaa tahe argachuuf fayyada.

#### 3.3.3.1. Afgaaffii

Ragaan qorannoo kanaaf ta'u afgaaffiin funaaname jira. Afgaaffiin qorataaniifi odeeffannoo kennaan yookiin gaafatamaan walbira gahuun, fuulaa fuulatti kan walarganii yaada isaanii kennanidha. Kunimmoo yeroo gaafatamtootni deebii kennan miira isaan ittiin deebisan faana hubachuun danda'ama. Afgaaffiin baay'ee bal'aafi unkaa garaagaraan kan nama gargaaru qaba. Faayidaansaa inni guddaan fuulaa fuulatti qaamaan walbira gahuun, odeeffannoo argachuudha. Garuu unkaalee adda addaa kanneen akka qaamaan walbira gahuun yookiin fuulaa fuulatti, xalayaan, bilbilaanfi kanneen biroon gaafachuun ni danda'ama (punch 1998:175) Jechuun ibsa.

Dabalataanis, barbaachisummaan afgaaffii gaafatamtootni yookiin iddattootni waan gaafataman dhuunfaa isaaniin ofitti amanamummaan akka deebisaniif mijataadha jedha. Kunimmoo gaaffiiwwan gaafatamaniif dhoksaa tokko malee deebisuu danda'a. Kunis kan tahu qorataan gaaffiiwwan banaa tahan dhiyeessuun akka isaan yaada isaanii bal'inaan kennan taasisa. Afgaaffiin gosoota adda addaa qaba. Isaanis afgaaffii banamaafi afgaaffii cufamaa jedhamu.

Afagaaffiin banamaa gaaffiwwaan banaa tahan, gaafatamtootni yaada isaanii bal'inaan kennuu kan danda'an, osuma isaan gaaffiilee gaafataman deebisaa jiranii sanumaan kan walqabate kaasuun akka isaan yaada isaanii itti kennaan taasisuun kan gaggeeffamudha. Afgaaffiin cufamaa immoo gaaffilee duraan qopheeffamanii jiran qofarraatti xiyyeeffachuun kan dhiyaatudha (Kothari 2004:98). Qorattuunis iddattoo filatte keessaa afgaaffii banamaa shani (5) qopheessuun Kan gafattedha. Halli qorattuun kun itti ragaa kana itti funaannattes yeroo hojii mootummaa hojjettuun alatti bakka manguddoonni itti argaman mana isaaniifi bakka hojii itti hojjetatan deemuun afgaaffii banamaa ta'an namoota 10f dhiyeessuu gaafatte jirti. Namoonni afgaaffii kanarratti hirmaatan dhiira jahaafi dubartoota afur kan turanidha. Afgaaffiin cufamoo ta'an immoo dhiirota 10fi dubartoota 10f dhiyyaatee dhuunfaan akka isaan deebisan taasifameera. Ragaa haala kanaan kenname erga waraabbatteen booda qorattuun gara yaadannootti erga jijjirteen booda qaaccessuutti kan fiddedha. Odeeffannoon hawaasa keessaa moobayiliin waraabamee gara yaadannootti jijjiirame kunis dabalee keessa kaa'amee jira.

### 3.3.3.2. Xiyyeeffannoo Marii Garee

Xiyyeeffannoon marii garee namoota garee muraasa walitti qabuun namoota sanas garee lamaan qooduun falmii yookiin marii gidduu isaanitti kan taasifamudha. Yaaduma kana kan deeggarani, (Brumfit &Mitchel 1989, Anol, 2012) akka jedhanitti,

> *Focus group research is a type of research that involves bringing in a small group of subjects (typically 6 to 10 people) at one location, and having them discuss a phenomenon of interest for a period of 1.5 to 2 hours. The discussion is moderated and led by a trained facilitator, who sets the agenda and poses an initial set of questions for participants, makes sure that ideas and experiences of all participants are represented, and attempts to build a holistic understanding of the problem situation based on participants' comments and experiences.*

Xiyyeeffannoon marii garee tooftaalee funaansa odeeffannoo tahee, Gosa qorannoo garee namoota muraasaan gaggeeffamu yoo xiqqate namoota (6-10) argamsa tokkoon, dhimma mari'atamu irratti fedhaan sa'a tokkoof walakkaa hanga lamaa (1:30- 2:00) tti kan fudhatu tahee gaafataan wantoota hunda mimmijeessuu, gaaffiiwwan gaafachuu, ajandaa qabsiisuu,

yaada fi muuxannoo isaanii akka isaan baasanii dubbatan haala tottolchun gara ijaarsa hubannoo rakkoo qorannootti yaada hirmaattotaan deemuudha.

Baay'inni namoota xiyyeeffannoo marii gareeratti hirmaataniis dhiira 40fi dubartii 30 waliigala namoota 70 ta'an kana bakka 10tti qooduuni. Garee tokko keessa dhiira 4fi dubartii 3 waliigalatti namoota 7 hirmaachisuun kan gaggeeffamedha. Haalli itti ragaan sassabames manguddoonni yommuu dhimma qonnaa ilaalchisee marii gaggeeffatan waajjira qonnaa waliin ta'uun erga amansiifamaniin booda ragaalee argaman kana jechaa jechatti fi himaa himatti jijjiiruun yaadannootti qabachuun gara barreeffamatti fiduun qaaccessiteetti.

### 3.4 Mala Qaacceessa Ragaalee

Malli qaaccessa ragaalee garaagaraa walduraa duubaan kan qaacceffamudha. Ragaalee karaa adda addaa mala garaagaraan walitti qabame haaluma walduraa duubaan kan walitti qabamedha. Mala funaansa ragaaleetti aanuun kan dhufu mala qaaccessa ragaati. Mala qaaccessaa ragaalee kana keessatti wantootni jalqabaa kaasee ragaaleen walitti funaanaman walduraa duubaan kan qaacceffamanidha. Qorattuun ragaalee kanas karaa mala qorannoo akkamtaa/qulqulleeffataan qaaccessitee kan keesse ta'a. Malli qorannoo qulqulleeffataa kunis odeeffannoowwan argaman lakkoofsaan osoo hin taane karaa jechootaan ibsitee kaa'uuf kan fayyadudha. Dabalataanis, Punch (1998:190) yaada kana olii kana kan mirkaneessu yoo dubbatu mala qorannoo kanaa yoo ibsu, qorannoon qulqulleeffataa ragaalee qaacceffaman bifa lakkoofsaan osoo hin taane, jechaan kan ibsudha jedhee dubbata. Qorattuunis odeeffannoowwan gama afgaaffiifi xiyyeeffannoo marii gareen argaman walduraa duubaan qaaccessuun kan dhiyeessitedha.

# BOQONNAA AFUR: DHIYYEESSAAFI XIINXALA RAGAALEE

## 4.1. Seensa

Boqonnaan kun ragaalee afgaaffiifi marii garee xiyyeeffannaatiin argaman xiinxaluu irratti xiyyeeffata. Xiinxalli kunis gaaffilee bu'uuraa qorannichaa kan boqonnaa tokko jalatti ka'an deebisuufi hubannoo kennuuf irratti xiyyeeffachuun ragaaleen malaafi madda adda addaa irraa guuraman bakkatti qaacceeffamanidha. Kanaafis ragaalee dhiyyaatan mata dureewwan garaagaraa jalatti qoqqooduun xiinxalamaniiru. Mata dureewwan kunis fayyadama lagannaa maqaa namaa keessatti qabiyyee fayyadama afaanii lagannaa maqaa namaa keessatti kan jedhuufi gahee fayyadamni afaanii ijaarsa eenyummaa aadaa keessatti qabu addaan baasuu kan jedhan ta'u. Qabiyyeewwan kunis duraa duubaan kaayyoowwan qorannichaa fuula afurirratti dhiyyaatan duraaduubaan deebisuu yaalu.

Ragaaleen qabiyyeewwan armaan olii deebisuuf funaanamaniis akka waliigalaatti dabalee jala jiru. Isaan keessaa akka barbaachisummaa isaaniitti luqqisuun mata dureewwan xixiqqaa jalatti xiinxalamanii jiru. Xiinxalli gaggeessamu kun ragaalee sana ibsuu hiikuufi faassasuun hidhata fayyadama afaaniifi dhimmoota hawaasaa lagannaa maqaa namootaan walqabatan agarsiisuu yaalu.

### 4.2. Fayyadama Afaanii Lagannaa Maqaa Namootaa Keessatti

Mataduree kana jalatti fayyadama afaanii lagannaa maqaa namootaa keessatti Aanaa Guutoo Giddaatti mul'atutu xiinxalama. Xiinxalli kunis matadureewwan xixiqqaa garaagaraa keessatti gaggeeffama. Isaanis maqaalee lagataman, bakka buusa maqaalee lagatamanii kan bifa garaagaraa qabanidha.

#### 4.2.1. Maqaalee Lagataman

Maqaaleen lagataman maqaa hawaasni sababoota garaagaraan kan ka'e maqaa dhahuu dhiisee waan birootiin bakka buusudha**.** Akka hawaasa Aanaa Guutoo Giddaatti maqaaleen namootaa lagataman hedduudha. Maqaaleen lagataman kunis kan isaan hojiirra oolan bakka namni maqaansaa lagatamu argamu qofaatti osoo hin taane bakka namni maqaan isaa lagatamu kun hin jirrettis kan lagatamudha. Akaakuufi unki maqaalee lagataman kanaa akka armaan gadiitti dhiyyaatu.

#### 4.2.1.1. Maqaa Abba Warraafi Firoottansaa

Uummanni Oromoo aadaa boonsaa hedduu qabu keessa tokko aadaa fuudhaafi heerumaati. “Safuu waaqaa birattis ta’e akka aadaa Oromootti, gaa’ela kan raawatu namoota lama, kunis dhiira tokkoofi dubara tokko jidduutti” Filee(2016:121). Aadaan fuudhaafi heeruma Oromoos kan saboota biroorraa adda. Kunis ulfina namoonni walfuudhan gama lamaaniin agarsiisan adda ta’uusaati. Akka manguddoonni Aanaa guutoo Giddaa afgaaffifi marii gareerratti hirmaatan ibsanitti: Haati manaa maqaa abba warraa ishee qofaa waamuu dhiisti osoo hin taane maqaa firoottan abba manaa ishee illee kan lagattudha. Kanneen lagataman kunis haadha, abbaa, abbaa abbaa. haadha abbaa, haadha haadhaa, obboleessa, obboleetti, obboleessa abbaasaa, obboleessa haadhasaa, obboleettii haadhasaafi firoottaan biroon marti kan lagatamanidha.

Karaabiraatiin immoo akka odeffanoo kennitootni jedhanitti namoonni firoota abbaa warraa keessaa maqaan biqiltootaalle kan isaan fakkaatu yoo jiraate maqaa biqilaa sanaa hin waamani ni lagatu. Akka fakkeenyaatti waan isaan kaa’ani, Nurgii namni jedhamu yoo jiraate nuugii, kumarraa kan jedhamu yoo ta’e kuma hin jedhani.

#### 4.2.1.2. Maqaa Firoottan Haadha Warraa

Akka hawaasa Aanaa Guutoo Giddaatti lagannaan maqaa firroottan haadha waarraas kan itti fayyadamamudha. Abbaan manaas akkuma haadha manaa maatiiwwaniifi firoottan haadha manaa isaa hunda haaluma walfakkaatuun kan safeeffatudha. Haalli lagannaa sirna gaa’elaa keessatti mul’atu kunis gama lamaanuun kan taasifamudha. Dhiironni garaagaraa obbolaa lama yoo fuudhan dhiironni lameensun abbaa/obbolaa angafaa kan walii isaanii maqaa isaaniitiin hin waamani.

#### 4.2.1.3. Namoota Qaama Hir’uu Ta’an

Namootni qaamaan hir’uu tahanii uumamaan yookiin erga dhalatanii booda qaamni isaanii miidhamaa tahanii hawaasicha keessa jiraatan hir’ina garaagaraa qabatanii kan jiraatanidha. Gareen hawaasa akkasii kunimmoo akkaataa qaamaan hir’uu tahuunsani itti hindhagahamneef, safuu waaqaa eeguuf jecha kan safeeffatamanidha. Maqaalee safeeffataman /lagataman kunis kanneen akka duudaa, jaamaa, maraatuu, quuroo, naafa, toonnoo /tuubuu/ qaaqqee, giingee jedhaman kana yommuu ta’an, hawaasni Aanaa Guutoo Giddaa ni lagata malee itti hin fayyadamu.

Maqaaleen akka safuutti ilaalaman kunis kanneen armaan olitti dhiyaatan qofaa osoo hintaane, quba harkaa, miilaa, ija, gurra, sammuun, arraba, walumaagalatti, qaamni isaa guutuu kan hintane mara kan hammatudha. Hawaasichi wantoota safeffatu kana sababoota lamarraa ka'uuni. Sababni inni jalqabaa sodaafi kunuunsa namoota qaamaan hir'uu tahan sanaaf qabu irraa ka'uuni. Kunimmoo namoota sanatti gadaantummaafi qophummaan karaa qabeenyaa, xiinsammuu, dinagdee, hawaasummaan akka itti hindhagahamneef maqaa sana lagachuun maqaalee isaan gitaniin kan waamanidha.

Inni biroon immoo kabaja namoota sanaaf qaban cinaatti uumaa namoota sanaaf sodaa qaban ibsuuf kan mul'isanidha. Qaamni namoota sana uume beekee akkasitti waan uumeef namootni kunimmoo uumama akkuma keenyaa waan tahaniif, qaamoota kanaaf ofeeggannoo gochuun barbaachisaadha jedhu. Sababnisaas, namoota biroo amma fayyaa qabeessa tahanii jiraatan kanas uumaan kuni akkasuma qaamaan miidhamtoota godhee uumuu waan danda'uuf kabaja uumaa kanaaf qabnu irraa kaasnee akka safeeffannuf nu dirqisiiseera jedhu namootni afgaaffii irratti yaada isaanii kennani.

Waliigalatti, garee hawaasa kanaa yeroofi haala garaagaraa keessaatti namoota qaamaan hir'uu qaban kanaaf kununsi taasifamu uummata kana biratti baay'ee olaanaadha. Gargaarsa karaa hundumaa jiranis namni martuu haala isaaf danda'ameen gahee isaa kan bahuudha. Harki caalaan akkaataa kanaan akka safeeffatan kan tahuuf sodaa xiinsammuu isaafi.

#### 4.2.1.4. Maqaa Hangafa

Aadaa Oromoo keessatti hangafaafi quxusuun iddoo olaanaa qaba. Gocha raawwatamu kam keessatti iyyuu hangafummaafi quxusummaan ni eegama. Biiroon Aadaafi Turizimii Oromiyaa (2007:161) dhimma angafummaa yoo ibsu: Sirna Gadaa keessatti aangoon yoo qabatamu warri sadarkaa lubaa irra jiran aangoon isaanii olaanaadha. Kana jechuun filannoo gadaa keessatti angafummaan iddoo olaanaa qabaachuu namatti argisiisa. Akka hawaasa Oromoo Aanaa Guutoo Giddaattis namoonni umuriin isaan manguddummaa keessa jiraniifi hangafa ta'an, maatii keessattis ta'e akka naannootti maqaan isaaniitiin hin waamaman. Kanamalees namoonni fira ta'anii hangafummaa qabanillee kanneen akka haadha haadhaa, haadha abbaa, obboleessa abbaafi haadhaa, obboleetti abbaafi haadhaa, obboleettii hangafaa, obboleessa angafaa maqaan isaanii ni lagatama. Sababa hangafummaa isaaniirraan kan ka'ees maqaan isaanii lagachuun akkataa biroon waamu. Karaa biraatiin immoo dubartiin

garaatti baattullee hawaasa kana keessatti kabaja waan qabduuf ulfa hin jedhamtu kan jedhanis manguddoonni afgaaffiin dhiyaateef keessa kanneen kaasan ni jiru.

Dabalataanis; Akka aadaa Oromootti namni nama beekaa, raagaa, nama gara fuula duraatti waanta dhufu raaju yookaan tilmaamuun, uummata yookaan murna tokko biratti bilchinaan kan beekamu qaalluudha. Akka Filee (2016:103) ibsutti *"Qaalluun nama beekaa nama raajii waaqaa himu, namootaafi waaqaan kan walquunnamsiisu rakkina uummataa waaqaan kan geessisu, ergaa waaqaas kan uummatatti dhiyyeessu, ibsu, hojii araaraa kan hojjetu, namoota walitti bu'an kan araarsu, sirna Gadaa keessattis ta'e sirnoota kanneen biraa keessatti kan eebbisu maleekka Waaqaati*" jedha. Aanaa Guutoo Giddaa keessattis darbee darbee hawaasa tokko tokko biratti waanti mul'atu sababa qaalluun aangoo hamma kanaa qaburraan kan ka'e maqaan isaa hawaasa kana biratti qaalluu jedhamee hin waamamu.

Akkasumas bakka inni hin jirrettillee akkaataan isaan itti maqaa dhahan /waa'eesaa dubbatan karaa biraatiini. Sababni isaas namni kun bakka inni hin jirretti osoo qaalluu jenne dhiibbaa nurraan gaha jedhanii qaalluu hin jedhani. Dabalataani namoota hojii oogummaa garaagararratti bobba'anii hojjetan tokko tokkoof ilaalchi gaariin isaaniif hin kennamu ture. Dur isaan kun hawaasa keessatti akka qomoo addaatti hawaasa keessatti ilaalamaa turan. Isaan kun sababa gogaa duuganiif duugduu/faaqii warra sibiila tumaninis tumtuu hin jedhaman. Kanaaf sababa oogummaasanii sanaan hin waamamani safuu qabu.

#### 4.2.1.5. Maqaa Hiriyyaa

Uummata Oromoo biratti Hiriyyummaan aadaa kabaja guddaa qabudha. Keesumaayyuu shamarran Oromoo biratti baay'ee olaantummaa qaba. Shamarran umuriifi naannoo jireenyaatiin walitti dhiyyaatan hanga waliin jiraatanitti waljaallachuufi waliin dhaabbachuuf waadaa waliif galu. Waadaan waliif galan kunis kakuu hiriyyummaa isaanii cimsuu ta'a. Haalli kun akkaataan itti raawatus dura shamarran lamaan quba moggee isaanii walqabatanii akkas jechuun waliif kakatu. Yoon lammata maqaakee dhahe maqaakoo duuti haa dhahu/koollee duuti haa dhahu jechuun maqaa walii lagatu. Aanaa Guutoo Giddaa keessattis beekamaa akka ta'etti manguddoonni nikaasu. Kuniis shamarran hiriyyaa ta'an hiriyyummaa isaanii cimsachuuf maqaa walii waamuu dhiisanii maqaa waliin itti fayyadamaniin walwaamu. Kun immoo hiriyyummaan iddoo guddaa kan qabu ta'uusaa mul'isa.

### 4.2.2. Bakka buusa maqaalee namootaa lagatamanii

Maqaalee namootaa lagatamanii bakka buusuun, maqaa sababoota garaagaraatiin lagataman kanneen fayyadama afaanii kanneen biroon bakka maqaa lagatamu sanaa buusuun ittiin waamuufis ta'e ittiin maqaa dhahuuf, waa'eesaa kaasuuf kan itti gargaaramnudha.

Hawaasni Aanaa Guutoo Giddaa maqaalee namootaa lagatuuf waan bakka buufatu qaba. Akka oddeeffannoo kennitootni jedhanitti bakka buusaa jechuun akka aadaa keenyaatti namoota saffeeffannu maqaa isaaniitiin waamuun safuu aadaa keenyaa diiguudha waan ta'eef, akkaataa bakka buusuun waamuun nurra jiruun itti gargaaramna jedhu. Bakka buusni hawaasichi dhimma itti ba'uus bifa adda addaa qaba. Isaanis bamaqa, gaalee maqaa, maqaa masoo, ibsitootafi jechoota garaagaraati. Kanatti aansuun matadureewwan xixiqqaa kana jalatti ragaalee dabalee jalaa keessaa fudhachuun xiinxaluun yaalla.

#### 4.2.2.1. Bamaqaalee Maqaa Lagataman Bakka Bu'an

Bamaqaan jechoota yookaan dhamjechoota maqaa bakka bu'anidha. Akka hayyuun Addunyaa (2016:90) ibsutti "bamaqaan bakka maqaa bu'uun tajaajila maqaa kan kennuu danda'u'' jechuudha. Fayyadama afaanii keessatti immoo bamaqaalee tajaajila garaagaraatiif oolu. Tajaajilli kunis irraa maquu, diinomsuufi finoomsuuf ta'uu mala. Haawasni oromoo Aanaa Guutoo giddaas maqaalee namoota lagatu bamaqoota kana bakka buusuun itti gargaarama. Mee ragaalee armaan gadii ilaalaa. Haati manaa erga heerumtee booda jecha safuu tahe kana balleessuuf maqaa abbaa manaa ishee bamaqootaan bakka buustee kan waamtudha. Kunis isin kan jedhuufi isaan kan jedhuun bakka buusuun waamti. Bamaqoonni kun namoota baay'ina qabaniifis ni gargaara. Garuu akka waliigalteetti, isin jettee ni waamti. Kanaafuu kan isheen itti gargaaramtus abbaa manaa ishee duwwaa osoo hin taane namoota safeeffattu mara ittiin waamuu ni dandeessi.

Kana malees bamaqaa kanaan namoota uumurii nuyiin oliifi kanneen baay'ina qabaniin ittiin waamuunis ni danda'ama. Kunis nama dhuunfaafi garee namootaa ittiin waamuuf kan tajaajiludha. Haati manaas tahe abbaan manaa gama maatii waliif faalla tahan maqaa dhahanii waamurraa isaan jedhanii waamuu kan danda'anidha. Garuu kuni haala waliigaltee aadaa saba naannoo sanaarraa kan ka'e malee namoota baay'ina qabaniif fayyadamuun ni danda'ama. Haati manaas tahe abban manaa amaatiifi abbiyyuu (haadhaafi abbaa) isaanii

haaluma kanaan fayyadamuun waliigaltee uumuuf kan itti dhimma bahanidha. Kan isaan itti fayyadamaniis yommuu namoota birootti odeessaniifi waamanidha. Akka odeeffannoo kennitootni afgaaffiin dhiyyaateef gaafa guyyaa 15/8/2011 jedhanitti maqaa namoota safeeffatanii akkas jechuun waamu.

**(1)**

Maal taatan isin?
Maaliif akkas gootu isin? Jedhu.
Isaaniin waami / waamaa
Isaan maal hojjetu?
Isaan maaliif deemuu?

#### 4.2.2.2. Gaalee Maqaa Maqaalee Bakka Bu'an

Gaaleen qaama himaa ta'ee, tajaajila jechoonni garee adda addaa kennuu danda'an kan kennu yommuu ta'u, gosoota gaalee keessa tokko kan ta'e gaaleen maqaa immoo gaalee mataan isaa maqaa ta'edha. Jechoonni gaalee maqaa kana duukaa bu'an immoo miiltoo mataa gaalee kanaati Rabbirraa(2016:54). Haawaasni Aanaa Guutoo Giddaas maqaalee lagatan kana gaalee maqaa bakka buusuun kanitti fayyadamanidha. Gaaleen maqaalee lagataman bakka bu'an kuniis maqaafi bamaqarraa ijaarame. Bamaqni as keessatti argamu kun nama maqaansaa lagatamu kan bifa masiifachuun bakka buusanii waamufillee ni gargaara. Manguddoonni afgaaffiif deebii kennan gaafa guyyaa 21/8/2011 yoo ibsan, haati manaa Abbaa manaasheen yookiin maatii abbaa manaasheen akka armaan gadiitti waamti. Warreen jalqabarratti kaa'aman lamaan kun akka itti abbaa manaa ishee waamtu kan agarsiisu yoo ta'u, warreen itti aanan immoo akka maatii isaa itti waamtu agarsiisa.

**(2)**

Jaarsa kiyya/koo
Kennaa kiyya /koo
Warra keenya wami/aa.
Aabboonfaa / Aayyoonfaa koottaa.
Mucaanfaa (dhiiraaf) eessa deeman.
Intalli (durbaaf) eessa dhaqu.
Soddaa koo ( dhiiraafi durbaaf)
Abbaa/haadha / kaarruu- kan ilkaan kaarruu qabuun
Abbaa/ haadha/ qalbii- nama waa yaadachuu danda'uun

Dabalataani, Aanaa Guutoo Giddaa keessatti namoonni sirna gaa'elaa raawwatanii daa'imman argataniin maqaa daa'imman isaaniitti fayyadamuun maqaa waamu malee maqaa isaanii kallattiin waamuun dhorkaadha. Haalli maqaa waamuu kunis bifa lamaan raawwatama. Inni duraa, maqaa daa'ima isa dura dhalate/dhalatteen kan waaman yommuu ta'u, Inni lammaffaa immoo, akkaataa walitti aananii dhalannaa daa'imman sanaani. Kana jechuunis dhiirri yookaan dubartiin walitti aanuun yommuu dhalatan maqaa sanatti fayyadamuun kan waamamudha. Warri maqaa akkasiin waamaman dursanii otoo daa'imni sun hin dhalatiiniis maatiin ofumaa maqaa itti baafachuu danda'u. Kana keessatti wanti hubatamuu qabu, maqaan daa'ima dura dhalatee akkasumaas walitti aananii dhalatanii maqaa abbiyyuu yookiin amaatiin yoo walfakkaate, maqaan daa'imman itti aananii dhalataniin waamu malee maqaa sanaan hin waamani. Sababni isaas, maqaa sana yommuu waamani akka maqaa abbiyyuufi amaatii isaanii waamaniitti waan ilaalamuufi. Akka manguddoonni afgaaffiifi marii garee keessatti hirmaatan gaafa guyyaa 11/8/20011 ibsanitti, namoonni maqaa ijoolleetti fayyadamuun maqaa abbaa warraa yookiin haadha warraa haala armaan gadiitiin bakka buusuun waamu.

Gama birootiin immooakka manguddoonni marii gareerratti hirmaatan ibsanitti: namoonni ayyaana qabu jedhamanii beekaman hawaasa keessa jiru. Isaan kun immoo sababa ayyaanni isaanirra jiru sun isaan hin nyaachifneef/jibbuuf foon horii keessaa kanneen akka arraba horii, dirra horii hin nyaanne jiru. Kanarraan kan ka'e namoonni akka armaan gaditti kaa'ame kanatti kana bakka buusu

( **3)**

Abbaa/haadha dabalee-maatii walitti aansuun intala argataniini.

Abbaa/haadha Dabalaa-maatii walitti aansanii ilma argataniin

Abbaa/Haadha Lammeessaa-maatii walitti aansanii ilma argataniini

Nama arraba horii hin nyaanne-Arrabdideessa

Nama dirra horii hin nyaanne-dirradideessa.

#### 4.2.2.3. Maqaa masoo maqaalee bakka bu'an

Hayyoonni garaagaraa masoof kallattii adda addaatiin hiika kennaniiru. Addunyaa (2014) hiika masoo moggoo jechuun hiika kennee jira. Kunis aadaa Oromootiin walqabsiisuun moggoon kan maqaa walfakkaatu agarsiisa. Haaluma kanaan jechoonni hiika walfakkaatu qaban waliif moggoo akka ta'an kan hubataman moggoon kun kan hiikaa yoo ta'u moggummaan kunis walitti dhiyyaata malee guutummaatti tokko ta'uu hin danda'u. Yaada kanarraa kan hubannu hiikni masoo jechoota hiika walfakkatu qabanidha. Stanojeric (2009:193-200) hiika masoo yoo ibsu,

> *Asynonym is a word or phrase that means exactly or nearly the same another word or phrase in the same language. Word that are synonym are said to be synonyms and the state of being asynonymis called synonymy. The word comes Ancient Greek syn('with') and onoma(name)*jedha.

Yaada hayyuu kanarraa kan hubannoo immoo hiika masoo jechuun jecha yookaan gaalee afaan tokko keessatti hiika walfakkaatu yookaan walitti dhiyyeenya qabanidha. Jechi hiika masoo (synonym) jedhu jecha Griikii durii ''syn'' (with)fi ''Onoma''(name)jedhurraa akka dhufedha. Kunis maqaa hiika walii qaban jechuun hima tokko keessatti waliigalanii dhaamsa dabarsuu danda'uu isaaniiti.

Hayyuun biraa immoo, Sebastain (2002:46) irratti hiika masoo yoo ibsu, *"To lexemes are synonymous if they the same meaning. Synonymy in the strict sense also called totally synonym, includes all meaning parts, i.e descriptive, social and expressive meaning"* jedha. Hiikni masoo miira guutuun walitti dhihaatu masoo guutuu jedhama. Masoo guutuun kunis qaama hiika hundaa dhuunfata. Qaamni kunis, kanneen akka ibsa hawaasummaafi amaloota hiika adda addaa kan qabudha. Garuu yaadni kun yeroo hunda dhugaa ta'ee kan argamu miti. Sababni isaas, masoon gamisaa waan jiruuf namoonni tokko tokko jechoonni masoo guutuu akka hin jirre raga adda addaa waan dhiyyeessaa turaniif masoo guutuun akka hin jirre kan hubannudha. Jechi lama walitti dhiyaatu qaba malee guutummaan tokko ta'uu hin danda'ani waan ta'eefidha.

Yaada hayyoota kanaa bu'uura godhachuun, akkaataatti hawaasni kun itti fayyadaman yoo ilaalles akkaataa armaan gadiitti walqabsiifnee ilaaluun ni danda'ama. Haati manaa obbolaani fi firoottaan abbaa manaa ishee, Abbaan manaan immoo obbolaanifi firoottaan haadha manaa isaa uumama qaama isaaniifi amala isaanii irraatti hundaa'uun waamuu. Akkataa uumama dubbii, dhaabbii qaamaa (dheerachuu, gabaabbachuu, furdachuu, qal'achuu), amala, hojiisaanifi kan kana fakkataan irraa ka'uun maqaa isaanii lagachuun maseeffatanii ittiin kan waamanidha. Kana qofaa osoo hin taane haati manaafi abbaan manaa, namoonni waljaallatan yeroo baay'ee maseeffatanii walwaamuuf yeroon isaan itti maqaa sareen, maqaa Adurreen walwaaman illee ni mul'ata. Akka manguddoonni afgaaffiifi marii gareerratti hirmaatan gaafa guyyaa 10/8/2011fi 12/8/2011 ibsanitti namoonni maqaalee lagataman kana akkaataa armaan gaditti ibsame kanatti bakka buusanii ittiin waamu.

**(4)**

Luuccoo- kan rifeensa lallaafaa kan qabdu
Dinqaa – kan waan nama ajaa'ibu dalaguun
Bareedaa- kan fuula miidhagaa (faalla illee tahuu danda'a).
Bakkalchoo- nama ija gurguddaan.
Dandeessuu- kan obsa guddaa qabduun
Lataa – nama hojjaa dheeraa qabuun
Ishee hangafaan—jaalakoo
Ishee eegoon-sayyuukoo
Buchokoo-maqaa sareen
Bashookoo-maqaa adurree
Hiriyyoonnii shamarranii-Addooyyee
Ankakkaa-dubartii garaatti baattu

Haala kanaan namootni maqaa namaa isa sirrii tahe sana waamuu lagatan akkaataa barbaadaniin bifaan, amalaan, hojiisaani, gochaanifi kan kana fakkaatan irratti hundaa'uun moggaasanii itti fayyadamuu ni danda'u. Warreen tarreeffaman kana keessaa obboleettiin hangafaa haadha manaa obboleessaan Akkuma jaala jettee waamamtu, jaalli bakka biraattis ni tajaajila. Hawaasni Akkuma walirraa fagaatu fayyadamni afaan isaas bakka tokko tokkotti garaagara ni ta'a. kana jechuun waarsaan bakka tokko tokkotti immoo nama gaafa dhagna qabatan nama qabutti fudhatama. Kanamalees shamarran hiriyyaa ta'an lama yoo hiriyyummaa isaanii cimsachuu barbaadan maqaa waliidhiisanii maqaa biroon bakka

buusanii maqaa armaan olii kanaan walwaamu. Dabalataanis, namoonni qaama hir’uu ta’an sababa qaama hir’uu ta’an sanaan hin waamaman kanaaf, manguddoonni gaafa guyyaa 13/08/2011 afgaaffiin dhiyyaateef akka armaan gadiitti kaa’u.

**(5)**

guratu dabarsa- kan hin dhageenye
qaroodhabeessa-kan hinargineen
qalbiin tuqamaa-isa maraateen
birqiitu qabe-goobuun
lukatu itti ulfaata-nama miila furdaan
Arrabdidaa-nama arrabni diduun

Jechuun bakka maqaalee lagatamanii buusuun fayyadamu. kunis namoonni qaamaan hir’uu ta’an akka isaanitti hin dhagahamneef xiinsammuu isaanii eeguuf kan itti fayyadamanidha.

#### 4.2.2.4. Jechoota Maqaalee Bakka Bu’an

Jechi bakka bu’aa yaadaati. Dhalli namaas dhageettii isaa mara mallattoo jechootaatiin bakka buusuun namoota biroo waliin haasaan yookiin barreeffamaan walquunnamtii uumuudha. Jechi ijaarsa isaatiin sagaleelee dubbii afaan tokkooti Beekan (2015). Karaabiraatiin immoo jechi bakka bu’aa muuxannoo hawaasa tokkooti. Muuxannoon hawaasa tokko ammoo baay’ina hawaasichaa, amala isaa dagaagina aadaafi diinagdee isaa, hawwiisaa, siyaasaafi waan kana fakkatan bu’uureffata. Jechoonni amala dhuunfaa isaanii waan qabaniifi dhimmoota hawaasaarra waan maddaniif afaan tokko keessatti meeqa akka ta’an lakkaa’anii fixuun rakkisaadha.

Kanaafuu, hayyoonni xiinqooqaa si’anaa jechoota afaan tokko gareetti qooduun qo’achuun barbaachisaa ta’uusaa ibsu. Bu’uuruma kanaan, jechoota Afaan Oromoo garee gurguddoo afurjalatti qooduu dandeenya. maqaa, maqibsa, durduubeefi gochima. Addunyaa (2018:60) akkuma armaan olitti ibsame hawaasni Aanaa Guutoo Giddaa maqaalee lagatan jechoota biraatiin bakka buusuun afaan kanatti kan fayyadamanidha. Jechoota tarreeffaman keessaa maqaaleetti fayyadamu. Maqaaleen immoo garee jechaa keessaa tokko akka ta’e armaan olitti kaafamee jira.

Bu’uuruma kanaan Akka manguddoonni marii gareerratti hirmaatan odeeffannoo kennanitti Akka hawaasa Aanaa Guutoo Giddaatti namoonni gaafa sirna fuudhaafi heerumaa waliin gaggeeffatan inni dhiiraas ta’e isheen durbaa waayela/miinjee mataa, mataa isaanii waliin dhaabbatan ni qabu. Sirna fuudhaafi heeruma kana keessatti isheen durbaa waayela/miinjee ishee isa dhiiraatiin erga sirna gaa’elaa ishee gaggeeffatteen booda maqaa isaa hin waamtu. Kan isheen waamtu maqaa kabajaatti fayyadamuuni. Dabalataaniis maatii keessatti ijoolleen gara dhumaarra dhalatan obboleettii jalqaba dhalatteefi obboleessa jalqabarratti dhalateen maqaa isaaniin hin waamani, maqaalee kabajaan bakka buusanii waamu. Akka odeeffannoo kennitootni ibsanitti dubarri heerumte waayela/miinjee isheefi ijoolleen maatii keessatti obbolaa isaani umuriin isaan dursan akka armaan gadii kanatti maqaalee kabajaa fayyadamuun waamu.

Kanamalees, namoonni ogummaa garaagaraatti bobba’an tokko tokko duri hawaasa keessatti sababa oogummaa isaani kanaan akka hojii sirri hin hojjenne tokkootti of fudhatu. Sababa kanarraan kan ka’e sibiila tumuun, huccuu dhahuunifi gogaa duuguun akka hojii leeyyasisaa ta’etti waan fudhataniif maqaa oogummaa isaanii kanaan hin waamamani/maqaa hin dhahamani. Waan kana ta’eefis maqaalee lagatan kana maqaa birootiin bakka boosuun walwaamuu odeeffannoo kennitoota marii gareerratti Gaafa guyyaa 11/08/2011/ hirmaatan akka armaan gadiitti ibsu.

**(6)**

Obboo-waayila/miinjee isa dhiiraan
Obboo- obboleessa jalqabaan/angafaan.
Aaddee-obboleettii jalqaba dhalatteen/angafaan
Ogeessa-warra gogaa duuganiin
Ogeessa sibiilaa-kan sibiila tumuun
Ogeessa-kan huccuu/arbii dhahuun

### 4.2.2.5. Maqibsoota maqaalee bakka bu’an

Maqibsiin garee jechaa keessaa tokko ta’ee Afaan Oromoo keessatti maqaa booda dhufuun amala, bifa, hangaafi waan kana fakkaatan wantootaa kan nutti himudha. Maqibsoonni kunneen bakka garaagaraatti akka qoodaman, Addunyaa (2016:61) irratti kaa’amee jira. Isaan keessaa maqibsi qorannoo kana waaliin walqabatu maqibsa bifaa yommuu ta’u, maqibsi bifaa waan tokko maal akka fakkaatu agarsiisuuf tajaajilu. isaanis, diimaa,

gurraacha, adii, daalacha, cuquliisa, keelloo, magariisa, bulee, odolcha, boora, burree xiilloo, bareedaa, fokkisaa, magaala, godeessa, lilluufi wkf dha. Qorannoo kana maqaaleen namoota lagatamanii maqibsoota kanaan bakka buufamee jira. Aadaa Oromoo keessatti loon horachuun iddoo guddaa qaba. Sababa kanarraas kan ka'e namoonni loon baay'ee qaban maqaa fardafi korma beekamaa isaan qabaniin bifa isaaniin bakka buusuun waamu. Akkasumas nama dur bineensa cimaa ta'e ajjeeseen bifa bineensa ajjeese sanaan bakka buusanii ittiin waamu. Dabalaataanis Akka aadaa Oromoo Aanaa Guutoo Giddaatti namoonni ayyaana qaalluu qaban hawaasa tokko tokko biratti maqaan isaanii hin waamamu kana immoo ilaalcha isaaniif qabanirraan kan ka'e maqibsa kana bakka buusuun kan waamanidha. Karaa biraatiin biqiltootniis ta'e kanneen biroo maqaan isaanii maqaa namoonni lagatan sanaan yoo walfakkaate maqaa sana waan biroon bakka buusa. Kanneen bakka bu'an kunis maqibsa yoo ta'u maqibsoonni kun immoo maqaa tokkoofi maqibsa tokkoon bakka buufame. Odeeffannoon afgaaffiin gaafa guyyaa 19/8/2011fi 9/8/2011 argame kunis maqaaleen lagataman akkaataa armaan gadiitti akka bakka buufamani kan ibsanidha.

**(7)**

Abbaa magaal- Maqaa farda beekamaa inni qabuuni.
Abbaa Shumbur / Gurree/ Boora- maqaa korma inni qabuun.
Abbaa booree-maqaa bineensa ajjeefameen
Gooftaa/ Beekaa-nama hooda hiimu/ayyaana qaban jedhaman
Isa gurracha-nuugiidhaan
Dhibba abbaa kudhanii- lakkoofsa kumaan

### 4.3. Qabiyyee Fayyadama Afaanii Lagannaa Maqaalee Namoota Keessatti

Maqaaleen namootaa lagataman qabiyyeewwan garaagaraa qabu. Qabiyyeewwan kanas akka ergaa isaaniitti qoqqooduun akka armaan gadiitti xiinxalamaniiru.

#### 4.3.1. Kabajaaf Maqaalee Lagataman

Hawaasni Aanaa Guutoo Giddaa maqaalee walii kan lagatuuf sababa qaba. Sababni inni jalqabaa kabajaaf, Aadaa Oromoo keessatti manguddoonni akka hayyoota ammayyaatti waan ilaalamaniif gocha isaan dogoggoraan raawwataniifi mudoo isaan haala uumama keessatti argatan irraa baraaruuf hedduu kan kabajamanidha. Haalli itti kabajamaniis hojiin, dubbiin, adeemsaan, umuriin, beekumsaa aadaafi kkf hubachuudhaani. Kana yommoo jennu hawaasni kun adeemsa hawaasummaan jiraatu kana keessatti dubbii dubbatu keessattis walkabajaa

aadaa kanammoo itti fuufsiisaa kan waliin jiraachaa tureefi jiraachaa jirudha. Maqaaleen kabajaaf safeeffataman/lagataman, kunneen manguddoota qofaa osoo hin taane kanneen akka maqaa abbaa warraafi firoottaan isaa, warra haadha warraafi firoottan ishee dabalatee warreen kabajaaf lagatamanidha.

Haati manaa abbaa warraa ishee maqaa dhahuu/ waamuu yommuu dhiiftu kabaja isheen abbaa manaasheef qabdu cinaatti seera aadaa sabichaa eeguufillee gahee olaanaa kan qabudha. Yeroo akkas jedhamu haati warraas abbaa manaasheerraa kabaja hin argatu jechuu miti. Akka manguddoonni marii gareerratti hirmaatan ibsanitti: Aadaa Oromoo keessatti dhiirri hangafa hin fuudhu. Dhiirri tokko gaafa fuudhu eeguu/quxusuu isaa fuudha. kanarraan kan ka'e dubartiin fuudhamtu kun hangafatti heerumti waan ta'eef, Oromoon immoo angafaaf kabaja waan kennuuf dubartiin kun abbaa manaa ishee maqaa isaa akka arge waamti osoo hin taane kabaja isaaf qabdu maqaa isaa lagachuun agarsiifti jedhu. Dabalataanis, haati manaas tahe abban manaa amaatiifi abbiyyuu (haadhaafi abbaa) isaanii haaluma kanaan jechoota garaagaraatti fayyadamuun waliigaltee uumuuf kan itti dhimma bahanidha. Kana malees, kabajni isaan gidduu jiru haalaan cimee akka jabaachaa deemuuf gargaara.

Karaabiraatiin immoo Akka aadaa Oromootti horii horatanii qabeenya hedduu qabaachuun baay'ee iddoo guddaa kan qabudha. Sababa kanarraan kan ka'e uummanni Oromoo Aanaa Guutoo Giddaa keessa jiraatu namoota horii hedduu qabaniifi kanneen akka qotiyyoofi Fardeen bebbeekamoo qabaniin kabaja abbaan qabeenyaa sun qabuun abbaa bulloo, Abbaa booree Abbaa magaal jechuun waamu. Kun immoo abbaan qabeenyaa kun sababa horii hedduufi bebbeekamuu qaburraan kan ka'e hawaasa kana biratti kabaja argachuusaa kan agarsiisu ta'uu manguddoonni tokko tokko kan ibsanidha. Karaa biraatiin immoo yeroo durii namoonni bineensa cimaa kanneen akka gafarsaa ajjeesan goota jedhamaniitu gurra urachuun lootii gurratti godhatu. Kanarraan kan ka'e namni bineensa ajjeese kun bineensa boora ajjeese yoo ta'e Abbaa booree jedhamuun ittiin kabajni isaaf kennama.

Hawaasa Oromoo Aanaa Guutoo Giddaa tokko tokko biratti maqaalee kabajaaf lagataman kanneen biroon namoota hawaasa sana keessatti ayyaana qaalluu qaban jedhamani hawaasni tokko tokko kabaja qaalluu sanarraan kan ka'e maqaa isaanii hin dhahani. Akka safuutti kan fudhatanidha. Dabalataaniis, dubartiin garaatti baattu kabajni karaa garaagaraa nikennamaaf.

Akka aadaa Oromootti bu'aan fuudhaafi heerumaa inni guddaan dhala godhachuudha. Jireenya Oromoo keessatti haata warraa ofii yommuu garaatti baattu qophii abbaan manaa taasisu keessaa tokko soogidda bitee haraatiirra kaa'uudha (Filee 2015:121) jedha. Inni kun kan agarsiisu waanti garaatti baatamu sun kan ulfina qabu ta'uusaa agarsiisa. Akka hawaasa Oromoo Aanaa Guutoo Giddaatti dubartiin garaatti baattu kabaja guddaa qabdi sababni isaas akka manguddoonni kaasanitti da'imni garaa dubartii kana keessa jiru kun boru yoo dhalate mootummaa biyya bulchu ta'uu danda'a jedhanii waan amananiif kabaja kennuuf. Kabaja dubartii garaatti baattu kana ulfa ittiin hin jedhani.

### 4.3.2. Jaalalaaf maqaalee lagataman

Akkuma kabajaaf maqaaleen lagataman uummata Aanaa Guutoo Giddaa keesatti jaalalaaf maqaalee lagachuun ni mul'ata. Kuniis shamarraan umurriniifi naannoo jireenyaatiin walitti dhiyeenya qaban hiriyyummaa isaanii cimsachuuf waadaan isaan waliif galan akka jiru armaan olitti kaafamee ture. Waadaan shamarreen lamaan waliif galan kunis jaalala isaan waliif qabanirraan kan ka'e maqaa walii lagachuun Addooyyee jechuun walwaamu.

Dabalataanis namni tokko nama jaallatu tokkoon yeroonnitti maqaa nama sanaa waamuu dhiisanii maqaa ofii isaaniin moggaafatanii bareeedaa /bareedduu/simboo jedhanii waamanis hawaasa kana keessa akka jirutti ni kaafama. Kun immoo jaalala nama sanaaf qabaniiraan kan ka'e ta'uu kan agarsiisudha. Akkuma armaan olitti kaafamuuf yaalame haati manaafi abbaan manaa illee jaalala waliif qabanirraan kan ka'e kennaakoo/bareedaakoo/bareeddukoo jedhanii yeroon itti jaalala waliif qaban ittiin maseeffachuun waliif ibsan akka jirutu hawaasa kanaan kaafama.

### 4.3.3. Xiinsammu Eeguuf Maqaalee Lagataman

Oromoon aadaa isaa keessatti uumama garaagaraa haala ittiin maqaa waamu qaba. Uumama lafa kanarra jiru hundaas uumaa waliin walqabsiisuun safeeffatu. Ummanni Aanaa kanaas sirna safeeffannaa kana keessatti namni uumaa isaa waan sodaatuuf seera uumamaa eegee waa dubbata malee akka isatti dhufetti hin dubbatu**.** Namootni qaamaan hir'uu tahanii uumamaan yookiin erga dhalatanii booda qaamni isaanii miidhamaa tahanii hawaasicha keessa jiraatan hir'ina garaagaraa qabatanii kan jiraatanidha. Gareen hawaasa akkasii kunimmoo akkaataa qaamaan hir'uu tahuunsani itti hindhagahamneef, safuu waaqaa eeguuf

jecha kan safeeffatamanidha. Maqaalee safeeffataman kanas maqaa biraan bakka buusuun waamuu. Inni biroon immoo Waaqni namoota kana uume waan akkasitti uumeef beeka waan ta'eef, namoota kanaaf ofeeggannoo gochuun barbaachisaadha jedhu. Karaa birootiin immoo namoota kana hir'ina qaamaa isaan qabaniin yoo waamne uumaan nutti gaddee miidhaa nurraan gahuu danda'a jedhanii waan yaadaniifi. Harki caalaan akkaataa kanaan akka safeeffatan kan ta'uuf soda xiinsammuu isaaniirraa ka'uuni.

Akkuma armaan olitti tuqamuuf yaalame, Akka hawaasa Aanaa Guutoo Giddaa tokko tokko biratti mul'atutti namni ayyaana qabu yookiin hooda himu ni sodaatama namni kun hawaasa sana keessatti nama akka waan mul'ata arguuttifi osoo ija isaatiin waa hin argiin beeku jedhamee waan yaadamuuf bakka jiruttis ta'e inni hin jirretti maqaansaa hin waamamu/hin dhahamu sababni isaa yoo maqaansaa dhahame miidhaa nurraan gaha jedhanii waan sodaataniif maqaansaa hin dhahamu yookiin hin waamamu jedhanii yaadu.

Namoonni oogummaa sibiila tumuu, huccuu dhahuufi gogaa duuguun namoonni baay'een akka qaanii ta'eetti ilaalaa turan. Namootumti hojii kana hojjetan mataan isaanii ogummaa isaanii kanarraan kan ka'e ittiin waamamuu/maqaa dhahamuu hin fedhan. Sababa kanarraan kan ka'e hawaasnis maqaa sadarkaa hojii isaanii kanaan yoo maqaa dhoofne xiinsammuu isaaniif gaarii miti jedhee waan yaaduuf ni sodaata.

### 4.4 Ga'ee Fayyadama Afaanii Ijaarsa Eenyummaa Aadaa Keessatti Qaban

Sabni eenyummaa malee uumamee akkasumaan lafa kanarra yaa'u tokkollee hin jiru. Sabni yookiin uummanni kamuu waanta saba biraarraa adda isa taasisee isa ibsu, eenyummaa mataa isaa qaba 'saba sana'ykn 'Uummata san'kan isaan jechisiisu waanta mataasaan qaba. Xiqqatee xiqqaatu bifti, bocniifi dhaabbiin qaamaa, eenyummaa isaati. Eenyummaan qabeenya guddaa sabni yookaan uummanni tokko erga uumamee eegalee, kuufatee ofharkaa qabudha. Saba tokkoof waanti eenyummaa isaa caaluuf hin jiru. Eenyummaa malee sabummaan hin jiru. Saba tokko kan akka sabaatti dhaabu eenyummaa isaati. Ummanni eenyummaa hin qabne akka sabaatti dhaabbachuu hin danda'u. Sagalee Gadaa

Eenyummaan egaa waan baay'ee ofkeessaa qaba. Afaan, aadaan, seenaan, amantiin, duudhaan safuun, ilaalchi uumaa uumamaa, falaasamni aadaan nyaataa, aadaan uffannaa, aadaan fuudhaafi heerumaa, aadaan kadhannaa waaqaa, Akkaataan gadda itti ibsatan sirni

boo’ichaafi awwaalchaa, sirni kabaja ayyanotaa, aadaan sirbaafi kanneen kana fakkaatan adda addaa hundi eenyummaa saba tokko warra calaqqisiisan keessa warra bu’uuraafi hangafaati. Isaan kanneentu saba tokko saba jechisisee akka sabaatti dhaaba. Yoo kanniin qabaate sabni tokko akka sabaatti saba biraarraa adda bahee eenyummaa mataa isaan jiraachuu danda’u.

Akka manguddoonni afgaaffiin dhiyaateef jedhanitti “Akkaataan hawaasni tokko itti walto’atuufi waltikfatu yookaan sirni bulchiinsa saba tokko aadaa, seenaa, safuufi safeeffannaa, hawaasa sanaarratti waan hundaa’uuf eenyummaan saba sanaa ibsuu keessatti gahee guddaa qaba. Egaa enyummaan kana yommuu ta’u waantootni eenyummaa ibsan kun immoo afaaniitti fayyadamameetu fuulduratti tarkaanfachaa adeema”. Eenyummaa aadaa saba tokko kan ijaaruufi fuulduratti tarkaanfachiisu afaan sabni sun itti fayyadamudha.

Uummanni Oromoo afaanitti fayyadamee aadaa isaafi eenyummaa isaa ittiin ijaarrachaa jiruufi jireenya isaa gaggeeffata. Fayyadama afaanii ittiin aadaa isaa ijaarratu keessaa lagannaan isa tokko. Akka odeeffannoo kennitootni jedhanitti “Lagannaan kan hawaasni Oromoo safuu isaa eegsisuuf, walkabajuuf jaalala waaliif qaban ittiin argisiisuuf maqaalee namootaa lagatamanii afaanitti fayyadamuun bakka buusee ittiin kabaja waliif qabu ibsata”. Akkuma odeeffannoo kennitootni jedhani Afaan isaan itti gargaaramaniis kanneen akka bamaqaa, maqaalee, masoo, gaalee maqaafi kkf bakka maqaa lagatan sanaa bakka buusuun ittiin waamu. Fayyadamni afaanii kun immoo aadaan hawaasa kanaa akka ijaaramaa deemu taasisuurratti gahee guddaa kan qabudha.

Afaaniifi aadaan immoo adda ba’anii hin ilaalamani. Afaanitti fayyadamuun aadaan tokko calaqqisiifama, tursiifamaafi ijaaramaa deema. Yaada waljijjiiruufis ta’e walhubachuuf fayyadamni afaanii murteessaadha. Afaan bakka bu’ee aadaafi eenyummaati. Aadaan afaan ibsa afaan immoo aadaa guddisuufi dagaagsuuf gahee guddaa qaba. kana ilaalchisee; Kramsch (1998)yoo ibsu;*Language and culture are bounded together in three;Language expresses,language embodies cultural reality,Language symbolize cultural reality jedha.*Akka yaada hayyuu kanaatti aadaafi afaan walitti hidhinsa guddaa kan qabu ta’uu isaati. Hawaasni aanaa guutoo giddaa keessa jiraatus aadaa lagannaa afaanitti gargaaramuun ibsata. Lagannaan kan hawaasni ittiin walkabajuuf walsirreessuuf, uumaa isaa sodaatee jiraachuuf kan itti fayyadamudha.

Hawaasa Aanaa guutoo giddaa keessatti maqaaleen namootaa manguddootaa, hangafaa, hiriyyaa fi qaama miidhamtootni ni lagatamu. Haati manaa maqaa abbaa manaa nilagatti. Sababa lagataniifiis ni qabaatu. Sababni lagataniif aadaa hawaasichaa waan ta'eef aadicha hawaasa keessatti tursiisuufi ittiin walkabajuufi. Maqaalee lagataman kana immoo afaanitti fayyadamuun bakka maqaa lagatan sanaa buusanii waamu. Kunimmoo gahee afaan tokko eenyummaa aadaa hawaasa tokko ijaaruuf qabu olaanaa akka ta'e ibsa.

Aadaa isaa kamiyyuu gaafa ibsatu Oromoon Afaanitti fayyadamuun. Afaaniifi eenyummaan immoo hariiroo sirrii qabu. Afaan eenyummaa saba afaanicha dubbatuu hin ibsine afaan du'edha. Namnis afaan isaatti fayyadamee eenyummaa isaa olkaasee yoo hin dubbanne isa du'aa faana walhin caalu. Afaan ilmi namaa kan itti fayyadamu meeshaa walquunnamtii namootaa ta'uusaa namoonni hundi irratti waliigalu. Walitti dhufeenyi afaaniifi eenyummaa gidduu akka jiru ni ibsama. Haata'u malee walitti dhufeenya eenyummaafi afaan gidduu jiru ilaalchisee hayyoonni tokko tokko mormii niqabu. Kunis, Afaan meshaa waliigaltee qofaa akka ta'e ibsu. Walitti dhufeenya eenyummaa waliin qabu ibsuu hin barbaadani. Afaan eenyummaafi aadaa hawaasa tokko walitti qabatee kan tursiisudha Beekan (2015). Bu'uuruma kanaan odeeffannoo hawaasarra argame yommuun ibsu hawaasni aadaa isaa kana afaanitti fayyadamee yoo hin ibsanne aadaan hawaasa sanaa akka baduufi dagatamaa deemu taasisa. Keesumaayyuu afaan sabni sun dubbatuun eenyummaafi aadaan saba sanaa caalaatti ijaaramaa deema. Sababni isaa Afaan birootiin aadaafi eenyummaa ofii ibsachuunifi dhalootatti dabarfachuun, ittiin walijaaraa deemuun ulfaataa akka ta'etti kan kaasanidha. Kanaafuu fayyadamni afaanii eenyummaafi aadaa ofii ijaaruuf gahee olaanaa akka qabutti kaasu.

Enyummaan saba tokkoo karaa adda addaa ukkaamamuu danda'a. Kunis, afaan yookaan aadaan kan saba biraatiin liqimsamuu danda'a. Afaaniifi aadaan liqimsamnaan eenyummaan nama dhuunfaas ta'e hawaasaa bade jechuun nidanda'ama. Walitti dhufeenyi afaaniifi eenyummaa yaada hayyootaa irratti hundaa'uun maalummaa afaaniifi eenyummaa, hariroo afaaniifi eenyummaa, walitti dhufeenya afaanifi kanneen eenyumma namaa ibsan barnoota afaanii keessatti aadaan gargaaramuun afaaniifi eenyummaa barsiisuun caalmaatti barataaf barbaachisaa ta'uunsaa nama hin gaafachiisu.

Aadaa baruun akkuma afaan baruu, muuxannoo jalqaba ijoollummaan maatii irraa dhalatan hawaasaafi naannoo keessa jiraatan irraa baratanidha. Ijoolleen yeroo umuriin isaanii barnootaaf ga'ee gara mana barumsaa dhufan yaadota bu'uura aadaa itti dhalatani qabatanii argamu. Waan kana ta'eef haala aadaa isaaniin ala yommuu baratan muuxannoo biraa keessa seenuuf dirqamu. Kun ammo adeemsa isaan rakkisuuf jeequ itti ta'a. Kanumaan walqabsiisuun yaada odeeffannoo kennitootni kennan yoon ibsu dhaloonni ammaa kun haala garaagaraarraan kan ka'e aadaa, safuufi kabaja hawaasni kun ittiin walijaaree jireenya isaa gaggeeffachaa ture kana dagachaa dhufeera. Aadaa ofii wallaluun immoo eenyummaa ofii wallaluudha waan ta'eef dhaloonni amma jiru kun aadaa sabasaa dhaloota dhufuuf dabarsuuf akka barnoota tokkootti osoo aadaa barate murteessaadha jedhu.

Eenyummaan aadaa hawaasa tokko immoo kan inni tarkaanfatu, adeemsa isaa osoo hin jijjiiriin kan inni dhalootaaf darbuu danda'u afaaniitti fayyadamuuni. Afaan keessayyuu afaan sabni aadaa sana tarkaanfachiisu yoo ta'edha. Kana jechuun enyummaan aada saba tokko saba afaan isaatti fayyadamuun yoo dhalootatti darbe ijaarsa aadaa sanaaf isatu irra bu'aa qabeessa jedhu manguddoonni odeeffannoo kennan.

Walumaagalatti gaheen fayyadamni afaanii eenyummaa aadaa hawaasa tokko ijaaruu keessatti qabu olaanaadha. Hawaasni aadaa isaa kan garagaraa sana adda baasee ittiin walgorsee, walbarsiisee dhalootaaf dabarsuuf afaanitti fayyadamuu qaba. Eenyummaan saba tokko immoo kaninni adda bahee beekamu afaan itti gargaaramu sanaan waan ta'eef aadaan saba tokkoos kan beekamu/mul'atu afaan isaatini. Kanaafuu aadaan jirachuuf afaan jiraachuu qaba, Afaanimmoo eenyummaa aadaa hawaasa sanaa kan ijaaraa deemudha. Keesumaayyuu afaan hawaasa afaan sana dubbatuu yoo ta'e gaarii akka ta'etti armaan olitti kaafameera.

# BOQONNAASHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI

# YAADA FURMAATAA

Boqonnaa kana jalatti yaada waliigala qorannaa kanaa haala gabaabina qabuun, yaadawwan waliigalaa ka'an irraa ka'uun bu'aawwan qorannoo kanaan argamaniifi rakkoolee yookiin hanqinaalee garaagaraa mul'ataniif yaadni furmaataa gara fulduraatti maal akka tahuu qabu kan ka'ametu dhiyaata.

## 5.1. Cuunfaa

Hawaasni Oromoo bakkaafi naannoo aadda addaa jiru bakka jiraatu hundatti duudhaafi aadaa adda addaa qabaachuun waliin jiraachaa tureera jiraachaas, jira. aadaafi duudhaan Uummanni Oromoo qabu keessaa lagannaan isa tokko. Lagannaan gosoota garaagaraatu jira. Isaanis, lagannaa gochaa, lagannaa yaadaafi lagannaa maqaati. Kanneen kana keessaa qorannaan kuni kan irratti xiyyeeffatu lagannaa maqaa kan namootaa irratti. Kaayyoon Gooroo Qorannoo kanaa fayyadama Afaanii lagannaa maqaa namootaa; Godina Wallagga Bahaa Aanaa Guutoo Giddaa xiinxalurratti xiyyeeffata. Akkasumas akka kaayyoo gooreetti immoo kan qorannoo kana keessatti xiinxalaman, fayyadama Afaanii lagannaa maqaa namootaa ilaalchisee Aanaa Guutoo Giddaa keessatti mul'atan ibsu, qabiyyee fayyadama Afaanii lagannaa maqaa namootaa keessatti mul'atu adda baasuufi gahee fayyadamni afaanii ijaarsa eenyummaa aadaa keessatti qabu addaan baasuudha.

Kaayyoo kana galmaan gahuufis mala filmaata iddattoo kaayyeffataatti dhimma bahuun kan gaggeeffamedha. Mala kanatti dhimma bahuun odeeffannoo madda odeeffannoo tokkoffaa irraa walitti qabamanidha. Maddi odeeffannoo tokkoffaan odeeffannoo namoota waa'ee lagannaa maqaa namootaa beekuurratti muuxannoo gahaa qabanirraa yookiin manguddootarraa fuunaanamani. Meeshaaleen funaansa Odeeffannoo qorattuun dhimma itti baates afgaaffifi xiyyeeffannoo Marii Gareeti. Odeeffannoon kunneenis mala qorannoo qulqulleeffataan waldeeggaranii kan dhiiyyatanidha.

Qorannoo kana keessatti malleen tarreeffaman kanatti dhimma bahuun qorattuun maqaaleen lagataman kun isaan kam akka ta'an duraaduubaan kan tarreeffamanidha. warreen lagataman kunneenis fayyadama afaanii kanneen akka bamaqaa, gaalee maqaa, maqaa masoofi jechoota

garaagaraan kan bakka buufamanidha. Maqaaleen lagataman kunis qabiyyeewwan adda addaa ofkeessaa qabu. Isaanis sababni maqaaleen lagatamaniif kabajaa, jaalalaafi xiinsammuu namaa eeguufidha. Maqaaleen sababa kanaaf lagataman kun immoo fayyadama afaanii garaagaraan bakka buufama. Kanaafuu gaheen fayyadamni afaanii enyummaa aadaa ijaaruu keessatti qabu olaanaadha. Hawaasni afaanitti fayyadamuun aadaa dagaagfachaa dhalootaaf kan dabarsudha.

## 5.2. Argannoo

Odeeffannoowwan cuunfaa armaan olii kanarratti hundaa’uun maqaalee namootaa lagataman walitti qabamanii xiinxalaman irraa argannnowwan argaman isaan ijoo tahan kanneen armaan gadiiti.

- Hawaasni Maqaa namootaa lagataman haalaafi bakka adda addaatti yeroo mara Fayyadama afaanii garaagaratiin bakka buusanii dhimma itti bahanidha. Fayyadamni Afaanii hawaasni kun bakka buusu bamaqa, gaalee maqaa, maqibsootaafi maqaalee birooti. Namootni bakka kamittuu yommuu waliin dubbatan, nyaatanii dhugan, gaddaafi gammachuu yommuu waliin hirmaataan mara wanta dalagan keessatti waan safeeffatamuu qaban kana nisafeeffatu.
- Maqaaleen lagataman kun irra guddeessa fuudhaafi heeruma keessatti haati warraa maqaa abbaa warraafi firoottan isa, abbaan warraa immoo firootta haadha warra isaa lagachuun bal’inaan ni mul’ata.
- Hirmaattootni yookiin namootni maqaalee kana lagataan hammi isaa walhaa caalu malee gareen hawaasaa Oromoo marti kan safeeffatanidha. Irra caalaatti wa’ee dhimma kanaa kan beekaniifi ofeegganoon kan itti fayyadaman manguddootaafi hawwaan umriin bubulan tahuusaa bira gahameera.
- Maqaaleen namootaa kun   kan safeeffatamaniif fayidaawwan hedduu kan qabanidha. Fakkeenyaaf; kabajaa, obsaafi jaalala nama barsiisa. Gareen hawaasaa marti, da’immaan namoota isaan hangafan, umriin, dubbiin, safuu ilaallatanii yoo rawwatan jaalalli gidduu isaanitti kan argamu, ofuma isaan immoo obsa guddaa kan horataniifi walkabajaa akka jiraatan kan taasisudha.

- Maqaaleen lagataman kun kan safeeffataman yaad-sammuu ofii boqochiisuuf waan hamaa irraa ofeeguuf jecha yookiin sodaa uumamaa sammuu isaanii keessa jiruf kan tasifamuudha. Maqaa lagatan sana yoo safeeffatan sababni safeeffatamuuf sun nu hindhaqabu jedhanii yaaduun sodaa sana jalaa bahuuf akka taasifamu hubatameera.
- Qabiyyeewwan maqaalee namoota lagachuu warreen ta'an kabajaaf, jaalalaafi xiinsammuuf itti fayyadamanii safeeffataman kun irra caalaatti jiraattoota badiyaa biratti ammayyu caalaatti kan calaqqisudha.
- Namootnifi gareen namootaa hundi maqaalee akka dhuunfaatti lagataniifi akka gareetti lagatan kan mataa isaanii waan qabaniif, maqaalee safeeffatamaniifi akkataan itti fayyadama isaanii namaa gara namaatti, naannoo tokkoo gara biraatti garaagarummaa kan qabanidha.
- Namootni maqaalee kan isaan lagataniif sodaa uumaafi uumaa jalaa bahuuf jecha kan safeeffatanidha. Fakkeenyaaf, nama miilli isaa hin hojjenne tokkoon naafa yoo jeenne waaqni nama sana uume nutti gadda jedhanii waan yaadaniif safeeffatu.
- Garee hawaasaa jiran keessaa manguddootni fi hawwan itti fayyadama lagannaa maqaa namootaa harka caalaa kan ta'an yommuu tahan dargaggoonnifi shamarraan akkaataan itti fayyadama isaanii kan warra kaaniin gadi.
- Haala itti fayyadama maqaalee lagannaa kana ilaalchisee namootni hunduu kan hin eeggatiin, akkaataa durii sanatti itti hin fayyadamani, Sababa qaroomina irraa kan ka'een haalaan itti fayyadamaa kan hin jirre, kunimmoo walkabajuu, waldanda'uufi waliin jireenya hawaasaa irratti dhiibbaa akka fidu ta'uu bira gahameera.
- Haati manaa Maqaa Abbaa Manaa ishee nilagatti, Abbaan manaa immoo maqaa haadha manaa isaa akka hin laganne qorannoo kanaan bira gahameera. Kun immoo walcaalmaan dubartootaafi dhiirota gidduu akka jiru kan agarsiisu ta'uu ibsa.

## 5.3. Yaada furmaataa

Maqaaleen namootaa lagataman kun haalaafi yeroo adda addaatti namoota sadarkaa garaagaraarra jiran obsa, jaalala, haala xiinsammuu, safuufi seera hawaasichaa, akkaataa bultoo jiruufi jireenya barsiisuuf, uumaa kabajuuf, nageenyaafi badhaadhummaa ofiif hawwuuf kan tajaajilu tahuunsaa bira kan gahameedha. Haa tahu malee qorannoon baay'ee irratti kan hin gaggeeffamnedha. Kana duwwaas osoo hintaane dhimma kanarratti akkuma

guutummaa biyyaatti qorannoon kan hin gaggeeffamne jechuun ni danda'ama. Kunimmoo xiyyeeffannoo argachuu dhabuunsaa guddina yookiin beekumsa daandii kanaan argamuu danda'u dhabamsiiseera jechuudha. Maqaalee laguu kana dhaloota dhufutti dabarsuufis tahe namoota hin beeknetti beeksisuuf

- ❖ Namootni kanaan booda qorannoo dhimma kanaan walqabatu dalaguu barbaadan akkuma qorannoo kanaa nannoolee Oromiyaa garaagaraa hafanitti cimanii hojjeechuun bifa barreeffamaan osoo ka'ani.
- ❖ Qamooleen dhimmi isaa caalaatti ilaallatu keessumattuu Biiroon Aadaafi Turizimii Oromiyaa aanaa kanaa maqaalee lagataman kana walitti qabuun bifa barreeffamaan dhaloota dhufuufi qamoota hin beekne baruuf fedhii qabaniif osoo olkaa'e.
- ❖ Maqaaleen namootaa lagataman kun hawaasa keessatti akka aadaa hawaasa kanaa akka ta'etti haa beekamuyyuu malee bifa barreeffamaan waanti olkaa'ame hin jiru. Kanaafuu sirni barnootallee yommuu qophaahu aadaa lagannaa hawaasa kana giddugaleessa godhatee akka qophaa'uuf bifa barreeffamaan osoo olkaa'ame.
- ❖ Hayyootni yookiin qamootni baratan fayyadama afaanii laganna maqaa namootaa bakka bu'anii ilaalaman kanneen hin barreeffamiin jiran sana qorannoo bal'aa irratti gaggeessani gara barreeffamaatti fidanii osoo ka'ani.
- ❖ Barsiisotni keessumatti afaan barsiisaan haala abbaltii kennuun barattootni akka isaan walitti qabanii fidan taasisuun bifa barreeffaman osoo olkaa'an.
- ❖ Fayyadama afaanii lagannaa maqaa namootaa kana akka aadaa hawaasa kanaa akka ta'etti osoo barsifame dhaloonni safuu hawaasaa kanaa baratanii akka guddatan osoo taasifame.
- ❖ Fayyadamni afaanii maqaalee lagataman bakka bu'an kun osoo akka aadaa hawaasa tokko akka ta'etti olkaa'ame.
- ❖ Fayyadama Afaanii lagannaa maqaa namootaa ilaalchisee, dhaloonni yeroo ammaa lagannaa maqaa kana sababoota garaagaraa kanneen akka ammayyummarraan kan ka'e dagachaa deemee jira. Akka aadaa hawaasa kanaatti immoo dhaloota safuu hawaasa kanaa qabatee guddatutu barbarbaadama waan ta'eef osoo akka barnoota tokkootti kenname.

- Faayyadama Afaanii Lagannaa maqaa agarsiisu keessatti haati manaa maqaa abbaa manaa ishee ni lagatti, Abbaan manaa garuu maqaa haadha manaa isaa hin lagatu. Kun immoo olaantummaan dhiirotaa kan dubartootarra akka caalu waan agarsiisuuf hawaasni walqixxummaa jarreen kanaa eeguu qaba. Gama biroon immoo dhimma walqixxummaa kanarratti otoo qorannoon gaggeeffame.

**Wabii**


Addunyaa Barkeessaa (2010). *Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo*. Finfinne: mana maxxansa meeggaa.

Addunyaa Barkeessaa (2011). *Akkamtaa*: yaadrimee Qorannoo Hujoo Finfinnee: Efficiency Printing Press.

Alemu Disasa (2013). *A discourse analysises of jarsummaa, traditional method of dispute resolution by community eldels*: Arsi Oromo in focus, unpublished dissertation. Addis Ababa University.

Alvesso, M. (2004). *Organizational culture and Discourse*: In D. Grant, C. Hardy, C. Oswich& L.L Putname (eds)

Anol Bhattacherjee. (2012). *Social Science Research: Principles, Methods, and Practices (2nd Ed.)*. Florida: university of South Florida.

Asima Habibovic. (2010). *'Taboo Language Swedish teenagers' understanding of and attitudes to English taboo language'.* Kristiansand University. Unpublished thesis.

Ayub Esmael. (2008) "Language Use of Jamican and Rastafarian Community in Shashamane A Sociolinguistical Study" MA Thesi AAU.

Beekan Gulummaa (2015). *Tuujuba: saayinsiifi dandeettii Afaanii*: Finfinnee, Oromiyaa

Bell. J (1993). *Doing your Research project t. A guide for time research in education and social science*. Backingham: Open University Press

Bichaka Fayyisa (1996). Aspects of Oromo Cultural Endowments and Their Implication for Economic Development.*The journal of Oromo study*, V.3(1&2)

Biiroo Aadaafi Turiizimii Oromiyaa (2007). *Sirna Gadaa: Siyaasa Oromoo Tuulamaa*. Finfinnee: Dhaabbata maxxansa Birhaanii inna Salam

Biqilaa Tufaa (2008) *Qaacceessa Safuufi Safeeffannaa Uummata Oromoo Godina Arsiifi Gujii*: Xiyyeeffannaa Aanaa Heexosaafi Ardaa Me'ee Bokkoo

Brian Patridge. (2006). *Discourse Analysis: An Introduction*. London: MPG books Ltd, bodmin

Brown H, Douglas (200?). *Principles of Language Learning and Teaching* (5th ed.): San Francisco State University

Coopern L, R. and Carpenter, S. (1976). *Language in the market In Bender*, M.L. etal (eds.) Language in Ethiopia.London: Oxford University Press,244-255.

C.R. Kothari. (2004*). Research Methodology: Methods and Techniques*. India: New age International (p), Limited Publisher.

*Ch. Brumfit & R. Mitchel (1989). Research in The Language Classroom; Center for Language in Education. University of Southampton: modern English Publications in association with the British council*

Dassaalanyi Seeqaa *(2016) Qaaccessa Qabiyyee jechoota laguu*: Xiyyeeffannoon Oromoo Godina Wallagga Bahaa Aanaa Kiiramuu keessa jiraatan.

Dastaa Dassaalenya. (2009). *Bu'uura Qorannoo.* Addis Ababa: Mana maxxansaa Boolee. Puplications associon with british council.

Dirribii Damusee (2012*). Ilaalcha Oromoo*: Biiroo Aadaa, Seenaafi Amantaa Oromoo. Finfinnee: mana maxxansa Finfinnee.

D o n a l d M a t h e s o n. (2005). *M e d i a D i s c o u r s e s: A n a l y s i n g M e d i a t e x t s.UK: Open University Press*

Edward Sapir (1921*). Language An Introduction to the study of Speech*: NewYork: Ottowa Ont.

Gammachiis Zewoodee (2008/2016). "Xiinxaala haasbarruufi fayyadama Afaan Oromoo mana murtii Aanaa Hidhabuu Abootee" Yuunvarsiitii Addis Ababaa (kan hin maxxanfamiin)

Getaachoo Rabbirraa, (2007). *Furtuu:* Seerluga Afaan Oromoo.Kuraz International Publishing Enterprise, Addis Ababa: Ethiopia.

Getaachoo Rabbirraa (2016*), Furtuu*: Seerluuga Afaan Oromoo Kuraz International publishing Enterprise, Addis Ababa

Gee J. P (1999**).** *Discourse Analysis: Theory and methods*, London: Rout ledge.

Halliday M. (1994*). An introduction to Functional Grammar. (2nd ed ).* London: Amold Ltd.

Hendri Aditia (2011). *Analysis of Taboo word and Swear word in Dustin Lee Abraham's How High Move. Thesis:* English Letter Department.Letters and humanities faculty, UIN Syarif Hidayatullah Jakarta.

Hodge B & Kress, G. (1993) (2nd ed**.)** *Language ideology*, London and Newyork: Routledge

Hoffman C. (1991) An Introduction on Bilingualism NewYork: Longman UK Limited

James H. Mcmillan (1996*). Educational Research Fundamentals for the Consumer (2nd Ed.)* Virginia Commonwealth University Harper Collins *College Publishers*

Johnstone.B. (2008). *Discourse Analysis (2nd edn*. Oxford; Blackwell.

Keith Allan and Kate Burridge (2006*). Forbidden Words: Taboo and the Censoring of Language.* Cambridge: Cambridge University Press

Kramsch, C. (1998*): Language and culture*; Oxford: OUP

Leeniin Quuxoo (2012). *Xiinxala laguu foon Beeyladootaafi Bineensotaan walqabatu;* Xiyyeeffannoon Oromoo Waayyuu Shanan

Liulseged Erikum. (1994*). Language Use in Resettement Sites*

MacCarthy.M.(1991**).** *Discourse Analysis forLanguage Theachers* Combridge: Camridge University press.

Malcolm Sigh (2007). *How to research (3rd ED.*) England: OpenUniversity press.

Mark Robson and Peter Stockwell. (2005*). Language in theory: a resource book for students*: USA and Canada: Rout ledge LTD.

Maweja Mbaya. (2002*). Linguistic Taboo in African Marriage Context: A Study of the Oromo Laguu***.** *University of Gaston Berger*, *Senegal.* Nordic Journal of African Studies 11(2): 224-235

Mulugeetaa Warquu, (2005/2013*). Qaaccessa Itti Fayyadama Afaan Oromoo Aanaa Daandii* .Yuunvarsiitii Addis Ababaa

Nadia Ghounane. (2012). *A Sociolinguistic View of Taboo Language and Euphemisms in the Algerian Society: Attitudes and Beliefs in Tlemcen Speech Community.Tlemcen University***.**

Olga Dontcheva-Navratilova and Renata Povolná. (2009*). Coherence and Cohesion in Spoken and Written Discourse.* Newcastle: Cambridge Scholars Publishing

Phillips, N, & Hardy, C. (2002). *Discourse Analysis: Investigating Process of social Construction***.** Sage University papers series on Qualitatively Research Methods, Vol.50. Thousands oaks. CA: Sage.

Punch.F.(1998*). Introduction to social research*. New Delhi: Sage Publications Indian pvt Ltd.resolution of disputes(ACCORD)

Pierre M. Nugues (2006***).*** *Cognitive Technologies*. London: Springer printing press

Ronald Wardhaugh. (2006**).** *An Introduction to Sociolinguistics (5th ED.).* UK: Blackwell Publishing.

Salkie.R.(1995). *Discourse Analysis*. London: *Rout ledge***.**

Salzmann (2007). *Linguistic Anthropology*: Published by American Anthropological Association.

Sebastain, L. (2002). Understanding Semantics.Oxford University Press: Inc Newyork.

Schaefer r.t. (2006). Jornal of Linguistic Antropology. Puplished by the American Anthropological Association.

Stanojevic Maja, (2009). Cognitive synonyms: A General overview: Fact Universitatis, Linguistics and Literture seriess7(2):193-200.

Stockwell, P. (2002). *Sociolinguistics*: A Resource book for Students.London and NewYork: Routledge.

*Toleeraa Shifarraa (2004). Wantoota to'annoo daree Afaan Oromoo irratti dhiibbaa fidan kan mana barumsaa cooraa sadarkaa 2^ffaa fi qophqq'ina kutaa 11^ffaa. Yunivarsiitii Addis Ababa: waraqaa Qorannoo digirii 2ffaa hin maxxanfamne*

Wolff, E. (2000*).''Language and Society''*. In Heine, B. and Nurse, D.(eds.) African Lunguages: An Introduction.Camridge University Press.

William Chigidi (2006*). Shona Taboos: The Language of manufacturing For Sustainable Development*.New York: Oxford University Press Ink.

Wodak, R. and Meyer, M. (eds) (2002*). Methods of Critical Discourse Analysis.*London: Sage, pp. 95-120.

Waldaa Duudhaafi Aadaa Oromoo (2006*). Daaniyaa*. Finfinnee, Oromiyaa.Commercial Prienting Enter prise

Xahaa Maammaa (2016). *Qaaccessa itti Faayyadama Afaan Oromoo Mana Murtii Aanaa Agaarfaa* Yuunvarsiitii Addis Ababaa (kan hin maxxanfamiin).

Febrianuswantoro, Y. and Iragiliati, E. (2012). "The Use of Taboo Words Between Main Characters Seen In Conviction Movie". Journal Malang: English Department, Faculty of Letter, State University of Malang. http:// jurnalonline. um.ac.id/data/ artikel/artikelA1217FC4BEF4C0478363 A987B219D 5F1.pdf. Retrieved on 17 January 2013.

**Dabalee A**

YUUNVARSIITII ADDIS ABABAA

KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIIFI QOONNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

Kabajamoota manguddootaa,armaan gadiitti gaaffileen afaanii dhuunfaafi marii garee isiniif dhiyyaatan hundi mata duree fayyadama afaanii lagannaa maqaa namootaa agarsiisan Godina Wallagga Bahaa Aanaa Duutoo Giddaa waliin kan walqabatudha.Qorattuunis qorannoo ishee mata-duree kanarratti waan gaggeessituuf odeeffannoon isin biraa argamu galmaan ga'insa gahiinsa qorannoo kanaaf murteessaadha.Kanamalees eeyyama keessaniin ala suuraafi sagaleen keessan kan hinwaraabamne ta'usaa cimseen isin beeksisa.Kanaafuu deebii isin gaaffilee dhiyyaatan maraaf kennitan kun dhimma qorannoo kanaaf qofa kan fayyadu waan ta'eef amanamummaa,dhugaafi bifa guutummaa qabu irratti hundaa'uun akka deebii naaf kennitan kabajaan isin gaafadha.

I. **Kabajamoo Manguddootaa Gaaffiin Jalqabarratti isiniif dhiyyaatu kanaa yoo sirri ta'e "eeyyee yoo sirri miti ta'emmoo'' Lakki''jechuun naaf deebiftu.**

1. Hawaasni Aanaan Guutoo Giddaa Maqaalee namootaa ni lagatuu?

A.Eeyyee B.Lakk

2. Afaan kanatti kan isin fayyadamtan yeroo yeroo haasaafi waliin dubbii keessatti?

A.Eeyyee B.Lakki

3. Lagannaa maqaa namootaa qabiyyee garaagaraa qabaa?

A.Eeyyee B.Lakki

4. Maqaan namootaa yommuu lagatamu maqaa biroon bakka buufamaa?

A.Eeyyee B.Eeyyee

5. Fayyadamni Afaanii kun eenyummaa aadaa hawaasaa ijaaruu keessatti gahee qabaa?

II. **Gaaffilee ijoo banaa manguddootaaf dhiyyaate**

1.Fayyadama afaanii lagannaa maqaa namoota keessatti mul'atu isaan kami?

2.Qabiyyeewwan Fayyadama afaanii lagannaa maqaa namootaa keessatti mul'atu

Isaan kan?

3. Gahee Fayyadamni Afaanii afaanii ijaarsa eenyummaa aadaa keessatti qabu maali?

## Dabalee B

### A. Maqaalee Namootaa lagatamanii funaanaman

- Maqaa abbaa warraa hin waaman
- Firoottan abbaa warraa hinwaaman
- Maqaa firoottan haadha warraa maqaan biqilootaafi bineensotaa maqaa
- isaaniin fakkatu yoo jiraate maqicha nilagatu.
- Obboloota angafaa maqaa waamuu dhiisuu
- Qaama miidhamtootni sababa qaama isaaniin hin waamaman
- Duudaa,maraatuu,qaaqqee,goophuu,naafa,jaamaa,hin jedhaman
- Hiriyyaan shamarranii maqaa walii hin waamani.
- Maqaa namoota ayyaana qabanii maqaan hin waaman yookiin qaalluu hin jedhan

Namoota hojii ogummaarratti bobba'aniin kanneen akka.hojjii huccuu dhahuu,sibiila tumuu,gogaa duuguufi kkf maqaa oogummaa isaaniin hin waamaman.

**B.warra maqaalee lagataman bakka bu'an**

**(1)**

Maal taatan isin?

Maaliif akkas gootu isin? Jedhu.

Isaaniin waami/waamaa

Isaan maal hojjetu?

Isaan maaliif deemuu?

**(2)**

Jaarsa kiyya/koo

Kennaa kiyya /koo

Warra keenya wami/aa.

Aabboonfaa/ Aayyoonfaa koottaa.

Mucaanfaa (dhiiraaf) eessa deeman.

Intalli (durbaaf) eessa dhaqu.

Soddaa koo ( dhiiraafi durbaaf)

Abbaa/haadha/ kaarruu- kan ilkaan kaarruu qabuun

Abbaa/ haadha/ qalbii- nama waa yaadachuu danda'uun

( **3)**

Abbaa/haadha dabalee-maatii walitti aansuun intala argataniini.

Abbaa/haadha Dabalaa-maatii walitti aansanii ilma argataniin

Abbaa/Haadha Lammeessaa-maatii walitti aansanii ilma argataniini

Nama arraba horii hin nyaanne-Arrabdideessa

Nama dirra horii hin nyaanne-dirradideessa.

**(4)**

Luuccoo- kan rifeensa lallaafaa kan qabdu

Dinqaa – kan waan nama ajaa'ibu dalaguun

Bareedaa- kan fuula miidhagaa (faalla illee tahuu danda'a).

Bakkalchoo- nama ija gurguddaan.

Dandeessuu- kan obsa guddaa qabduun

Lataa – nama hojjaa dheeraa qabuun

Ishee hangafaan—jaalakoo

Ishee eegoon-sayyuukoo

Buchokoo-maqaa sareen

Bashookoo-maqaa adurree

Hiriyyoonnii shamarranii-Addooyyee

Ankakkaa-dubartii garaatti baattu

**(5)**

guratu dabarsa- kan hin dhageenye

qaroodhabeessa-kan hinarginee

qalbiin tuqamaa-isa maraateen

birqiitu qabe-goobuun

lukatu itti ulfaata-nama miila furdaan

Arrabdidaa-nama arrabni diduun

**(6)**

Obboo-waayila/miinjee isa dhiiraan

Obboo-obboleessa jalqabaan/angafaan.

Aaddee-obboleettii jalqaba dhalatteen/angafaan
Ogeessa-warra gogaa duuganiin
Ogeessa sibiilaa-kan sibiila tumuun
Ogeessa-kan huccuu/arbii dhahuun

**(7)**

Abbaa magaal-Maqaa farda beekamaa inni qabuuni.
Abbaa Shumbur/Gurree/Boora-maqaa korma inni qabuun.
Abbaa booree-maqaa bineensa ajjeefameen
Gooftaa/Beekaa-nama hooda hiimu/ayyaana qaban jedhaman
Isa gurracha-nuugiidhaan
Dhibba abbaa kudhanii- lakkoofsa kumaa

**C.maqaalee lagatamaniifi Bakka buufaman**

1. Maqaa abbaa warraa hin waaman-Isin,isaan jaarsakoo,kennaakoo jetti
2. Firoottan abbaa warraa hinwaaman= abbaafaa, ayoofaa, jaalakoo (durbaaf), sayyuukoo(durbaaf),

waarsaa(dhiiraaf)

3. Maqaan isaan fakkatu nurgii yoo ta'e= nuugii, Kumaa yoo

Ta'e kuma hin jedhamu.

4. Luuccoo=kan rifeensa lallaafaa kan qabdu
5. Dinqaa = kan waan nama ajaa'ibu dalaguun
6. Bareedaa= kan fuula miidhagaa (faalla illee tahuu danda'a)
7. Bakkalchoo-=nama ija gurguddaan.
8. Dandeessuu- kan obsa guddaa qabduun
9. Lataa – nama hojjaa dheeraa qabuun
10. Ishee hangafaan=jaalakoo/

11. Ishee eegoon=sayyuu

12. Firoottan haadha warraa hin waaman=abbaafaa,aayyoofaa,soddaakoo(obbolaaf)

13. Duudaa=gurratu dabarsa

13. Jaamaa-qaroo dhabeessa

15. Toonnoo/tuuboo=lukatu itti ulfaata

16. Maraatuu=sammuu tuqamaa

17. Giingee(kan arrabni hin dubbanne)=gurratu dabarsa

18. Qaaqqee=moluu

19. Guuphoo=birqiitu qabe

20. Hiriyyoonnii shamarranii-Addooyyee

21. Ulfa/ Dubartii garaatti baattu=Ankakkaa

22. Tumtuu=ogeessa sibiilaa

23. Gogaa duugduu=ogeessa gogaa

24. Abbaa magaal/Booree…Maqaa farda beekamaa inni qabuuni.

25. Abbaa Shumbur/Gurree/Booraa…maqaa korma inni qabuun.

26. Gooftaa-nama hooda hiimu/ayyaana qaba

27. Isa gurracha-nuugiidhaan

28. Abbaa/haadha dabalee...maqaa daa'ima lammaffarratti dhalatteeni.

29. Abbaa/Haadha Lammeessaa….maqaa daa'ima lammatarratti dhalateeni.

30. kuma- Dhibba abbaa kudhanii

31. Gobbaanii- soddaa warra soddaa

32. Aaddee=dubartii hangafaa

33. Obboo=obboleessa hangafaa

34. Eessumee=obboleessa haadhaa/

35. Adaadoo=obboleettii haadhaa/abbaa

36. tumtuu-ogeessa sibiilaa

37. Duugduu/faaqii-ogeessa gogaa

38. shammaanee/dhooftuu- ogeessa nama huccuu/arbii dhahu

39. gobbaanii-namoota lama obbolaa fuudhan.

40. Nama diirra hin nyaanne-diirra dideessa

41. Irree kan hin nyaatiin-Irree dideessa

42.dheeraa-joobiraa

## Dabalee C

Maqaa Namoota Odeeffannoo Kenn**anii**

| Lakk. | Maqaa Guutuu | Saala | umurii | Hojii | Guyyaa |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Girmaa Haayilee | Dhiira | 65 | Qonnaan bulaa | 15/8/2011 |
| 2 | Likkituu Waaqjiraa | Dhalaa | 70 | QonnaanBultuu | 8/8/2011 |
| 3 | Dinqaa Wastii | Dhiira | 65 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 4 | Dabalaa Furii | Dhiira | 65 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 5 | Baqqalee Saayiluu | Dhiira | 80 | Qonnaan Bulaa | 15/8/2011 |
| 6. | Amanuu Galataa | Dhiira | 70 | Qonnaan Bulaa | 10/8/2011 |
| 7. | Olaanii Camadaa | Dhiira | 85 | Qonnaan Bulaa | 15/8/2011 |
| 8. | Tarikuu Ittaanaa | Dhiira | 80 | Qonnaan Bulaa | 8/9/2011 |
| 9 | Ilfituu Cawwaaqaa | dhalaa | 60 | Qonnaan Bulaa | 15/8/2011 |
| 10 | Bashaatuu Ayyaanaa | dhalaa | 69 | Qonnaan Bulaa | 20/8/2011 |
| 11. | Dureessaa Dinagdee | dhiira | 71 | Qonnaan Bulaa | 15/8/2011 |
| 12. | Abarraa Dhinsaa | dhiira | 65 | Qonnaan Bulaa | 19/8/2011 |
| 13. | Akkashee Bushaa | dhalaa | 65 | Qonnaan Bulaa | 15/8/2011 |
| 14. | Bultuu Abboosee | dhalaa | 76 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 15 | Bookashee Carraqaa | dhalaa | 65 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 16. | Geetahuun Ofgahaa | dhiira | 67 | Qonnaan Bulaa | 19/8/2011 |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| 17 | Cabbaqii kuulaa | dhalaa | 80 | Qonnaan Bulaa | 14/8/2011 |
| 18 | Akkawaaq Kitilaa | dhiira | 80 | Qonnaan Bulaa | 14/8/2011 |
| 19 | Galaanaa Lammii | dhiira | 67 | Qonnaan Bulaa | 12/8/2011 |
| 20. | Burraaqaa Farradaa | dhiira | 65 | Qonnaan Bulaa | 13/8/2011 |
| 21 | Tafarraa Gammadaa | dhiira | 73 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 22 | Kuulii Bantii | dhalaa | 58 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 23 | Tsaggaayee Nagawoo | dhiira | 81 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 24 | Habtamuu Fayyisaa | dhiira | 77 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 25 | Iddilee Oljirraa | dhalaa | 65 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 26. | Geetuu Tarfaa | dhiira | 75 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 27 | Ijjigaayyoo Wadajoo | dhalaa | 76 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 28 | Alamii Bultum | dhalaa | 78 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 29 | Duuretti Oljirraa | dhalaa | 85 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 30 | Goobanaa Cheeruu | dhiira | 64 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 31 | Abdennaa Kumarraa | dhiira | 59 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 32 | Jiraataa Bulii | dhiira | 65 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 33. | Dararaa Jiraataa | dhiira | 63 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 34 | Loomituu Jiraataa | dhalaa | 76 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 35. | Daandii Jiraataa | dhiira | 76 | Qonnaan Bulaa | 10/8/2011 |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| 36 | Kumsaa Daggafaa | dhiira | 75 | Qonnaan Bulaa | 11/2011 |
| 37. | Boruu Irranaa | dhiira | 64 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 38 | Daadhii Goshuu | dhiira | 67 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 39 | Girmaa Turaa | dhiira | 81 | Qonnaan Bulaa | 23/8/2011 |
| 40 | Sambatee Bulii | dhalaa | 63 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 41 | Bokoree Daadhii | dhiira | 64 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 42 | Oljirraa Qinaaxxii | dhiira | 76 | Qonnaan Bulaa | 13/8/2011 |
| 43 | Baaccuu Mokonnoon | | 67 | Qonnaan Bulaa | 15/8/2011 |
| 44 | Furii irranaa | dhiira | 88 | Qonnaan Bulaa | 9/8/2011 |
| 45 | Taajuree Bokoree | dhalaa | 67 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 46 | Abarruu Goobanaa | dhalaa | 75 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 47 | Baccuu Maammoo | dhalaa | 76 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 48 | Alamaayyoo Eebbaa | dhiira | 76 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 49 | Addisuu Mitikkuu | dhiira | 89 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 50 | Taammiruu Maroo | dhiira | 89 | Qonnaan Bulaa | 15/8/2010 |
| 51 | Naasiroo abdii | dhiira | 76 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 52 | Abbabuu Kumalaa | dhalaa | 65 | Qonnaan Bulaa | 11/9/2011 |
| 53 | Daandii Jiraataa | dhiira | 64 | Qonnaan Bulaa | 15/8/2010 |
| 54 | Tammanee Waldee | dhiira | 76 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 55 | Iddoosaa Ummataa | dhiira | 87 | Qonnaan Bulaa | 15/8/2010 |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| 56 | Baxulaa Gurmeessa | dhiira | 75 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 57 | Hambisaa Guuttataa | dhiira | 76 | Qonnaan Bulaa | 15/8/2010 |
| 58 | Damissee Namarraa | dhiira | 86 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 60 | Olaanaa Camadaa | dhiira | 65 | Daldalaa | 15/8/2010 |
| 61 | Waqtolaa Guutuu | dhiira | 78 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 62 | Asaffaa Jalduu | dhiira | 87 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 63 | Beeraa Kumsaa | dhiira | 65 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 64 | Ulfaataa Daadhii | dhiira | 65 | Daldalaa | 11/8/2011 |
| 65 | Tarikuu Bushaa | dhiira | 86 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 66 | Hambisaa Dheeressa | dhiira | 64 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 67 | Maammoo Ragga'aa | dhiira | 76 | Qonnaan Bulaa | 15/8/2010 |
| 68 | Araarsaa Tashoomee | dhiira | 75 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 69 | Addunyaa Nagaasaa | dhiira | 64 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 70 | Obsinaa Goobanaa | dhiira | 65 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 71 | Shimallis Qannoo | dhiira | 65 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 72 | Dhufeeraa Jimaa | dhiira | 65 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 73 | Ashabbir Tolaa | dhiira | 75 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 74 | Kaanuu Dhaabaa | dhiira | 75 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| 75 | Asmaree Jaaluu | dhalaa | 86 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 76 | Qixxeessaa Jambaru | dhiira | 80 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 77 | Guutuu Garbabaa | dhiira | 87 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 78 | Kabbadaa Duulaa | dhiira | 64 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 79 | Daashuu Dhibbaa | dhalaa | 60 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 80 | Shoree Milkisaa | dhalaa | 79 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 81 | Xuurii Mararaa | dhiira | 73 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 82 | Daammaanii Birruu | dhalaa | 59 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 83 | Jireenyaa Lamuu | dhiira | 74 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 84 | Shumatee Dhibbasaa | dhalaa | 76 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 85 | Ashabbir Qajeelaa | dhiira | 69 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 86 | Shaambal Takkaa | dhiira | 68 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 87 | Guutaa Nagaasaa | dhiira | 76 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 88 | Namoomsaa Marara | dhiira | 78 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 89 | Yaadani Gabbisaa | dhalaa | 63 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 90 | Gaaddisaa Taarikuu | dhiira | 65 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 91 | Ashabbir Kaanuu | dhiira | 65 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 92 | Likkee Birruu | Dhalaa | 64 | Qonnaan Bulaa | 13/8/2011 |
| 93 | Shaannanee Bulii | Dhalaa | 80 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 94 | Dhibbashii Olfinaa | Dhalaa | 83 | Qonnaan Bulaa | 9/8/2011 |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| 95 | Xomboree Jiloo | Dhalaa | 72 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 96 | Kumee Duuressa | Dhalaa | 83 | Qonnaan Bulaa | 14/8/2011 |
| 97 | Sambatee Naadoo | Dhalaa | 70 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 98 | Nagggasee Furii | Dhalaa | 62 | Qonnaan Bulaa | 13/8/20111 |
| 99 | Tarikee Namarraa | Dhalaa | 69 | Qonnaan Bulaa | 11/8/2011 |
| 100 | Firdiishee Jaaluu | Dhalaa | 71 | Qonnaan Bulaa | 10/8/20011 |

**Waraqaa mirkaneeffannaa**

Ani Qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uu isaafi kanaan duraa Yuunvarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hindhihaanne ta'uusaa, akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa qorattuu____________________

Mallattoo ________________________

Guyyaa__________________________